



# Kallacha Oromiyaa

**Jijjiirama  
hundagaleessaaf  
Odeeffannoo sirrii!**

Bara 30

Lakk. 47

Fulbaana 17 bara 2016

Gatiin qar. 15

## Torbeen Tuuriizimii Oromiyaa 3<sup>ffaa</sup> n kabajame



### Hizqi'eel Tashoomaatiin

Torbeen Tuuriizimii Oromiyaa 3<sup>ffaa</sup>n tibbana bakka hoggantootni olaanoofi qooda fudhattoota seekterichaa argamanitti Hoteela Iskaaylayititti sagantaalee

garagaraatiin kabajameera.

Torbeen kunis guyyoota sadiif jechuun Fulbaana 13-15/2016tti Finfinnee Hoteela Iskaaylaayititti agarsiisa egzibishiinii, marii paanaaliifi filannoo dubree

tuurizimii Oromiyaa kanneen biroon kabajamee ooleera.

Saganticharratti Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti Qindeessaan Kilaastera

**Gara fuula 14tti**

## Jiraattonni magaalaa Shaggar hojiilee misoomaafi gochoota alseerummaa to'achuuf hojiilee hojjetaman keessatti tumsa taasisan cimsanii akka itti fufan dhaamame

### Galaanaa Kumarraatiin

Bulchiinsa Magaalaa Shaggaritti hojiilee misoomaa fayyadamummaa ummataa mirkaneessuuf hojjetamaniifi gochoota alseerummaa seera qabsiisuuf tarkaanfii mootummaan fudhachaa jiru keessatti ummanni magalaichaa tumsa taasisaa jiru cimsee itti fufuu akka qabu Bulchiinsi magaalichaa dhaame.

Bara bajataa xumurametti piroojektoonni misoomaa garaagaraa 347 qarshii biliyoona 6.8 oliin kutaalee



**Obbo Guyyoo Galgaloo**

magaalichaa adda addaatti hojjetamaa

turan xumuramuun eebbifamanii tajaajilaaf ga'uu Bulchiinsi magaalichaa beeksiseera. Kutaalee Magaalichaa garaagaraatti marsaa lammaffaatiin qofa piroojektoonni 54 bajata mootummaafi hirmaannaa ummataa walumatti qarshii biliyoona 3.7n hojjetamanii xumuramuun tajaajilaaf qaqqabuun ibsameera.

Haaluma kanaan, kutaa Bulchiinsa magaalaa Laga Xaafuu Laga Daadhii, Kilaastara

**Gara fuula 14tti**

## Midhaan misoomsan kunuunsaa jiraachuu qonnaan bultoonni himan

### W.K.Godinichaatiin

Godina Baaleetti hojimaata qonnaa fooyya'aatti fayyadamuun midhaan misoomsan kunuunsaa jiraachuu qonnaan bultoonni aanaa Sinaanaa himan.

Qonnaan bultoonni aanaa Sinaanaa yaada kennaniin, deggersa keemikaala farra aramaa "Palestar" dhaabbata 'Care Agro' irraa bilisaan argatanitti fayyadamuun midhaansaani kunuunsaa jiraachuu dubbatan.

Itti gaafatamaan Waajjira qonnaa aanaa Sinaanaa Obbo Mu'aawiyaa Fu'aad aanichatti lafti hektaarii kuma 79 ol midhaan akaakuu garagaraatiin misoomee kunuunfamaa jiraachuusaa dubbataniiru.

Waajjira qonnaa godinichaatti dursaan garee callaa guddistuu Obbo Dabalaa Simee godinichatti oomisha bara 2015/16tti lafti hektaarii kuma 300 ol midhaan akaakuu garaagaraatiin misoomee kunuunfamaa jiraachuu dubbataniiru.

Kunuunsa midhaanii qonnaan bultootaan

**Gara fuula 14tti**

## Ayyaana Irreechaarritti hanqinni dhiheessii konkolaataa ummataa akka hin mudanneef qophiin taasifamaa jira

### Daarektara Kominikeeshiinii Ejensichaatiin

Ayyaana Irreechaarritti hanqinni dhiheessii konkolaataa deddeebisa ummataa akka hin mudanneef qophiin taasifamaa jiraachuu Ejensiin Geejjibaa Oromiyaa beeksise.

Ejeensichi tajaajila geejjibaa ammayyaa'aa, qaqqabamaafi si'ataa uummataaf kennuuf inisheetiiviiwwan haaraa bocuun yeroo gara yerootti fooyya'iinsa agarsiisaa jiraachuu beeksise.

Ragaan barreeffama Ejensichi Gaazeexaa Kallacha Oromiyaaf erge akka agarsiisutti ejensichi rifoormii geejjibaa lafaqabsiisuuf teekinooloojii Nagahee dijiitaalaa buufata konkolaataa 27 keessatti yeroo ammaa hojiirra oolaa jiru gara buufata 100tti guddisuun hojjetamaa jira.

Ayyaana Irreechaa bara 2016 sababeeffachuun hanqinni dhiyeessii konkolaataa uummataa akka hin mudanneef qooda fudhattoonniifi

**Gara fuula 14tti**



**Obbo Jamaal Kadiir**

**Hiyyummaafi boodatti hafummaa maqsuudhaan badhaadhina dhuunfaafi maatii haa mirkaneessinu!**

Gumaata Gumaata Gumaata  
Gumaata Gumaata Gumaata  
Gumaata

# Gumaata



## Bakka argama Holqa Shuushii

**H**olqi Shuushii kan argamu godina Qellem Wallaggaa aanaa Laaloo Qilee ganda Amaaraa Kuchoo keessatti. Holqi kun Finfinneerraa fageenya km 563 , magaalaa godinaa Danbiidolloorraa ammoo km 123 fi magaalaa aanaarraa gara kaabatti km 12 irratti argama. Holqi kun fincaa’aa ofirraa qaba. Bakki argama hawata tuuristii kanaa Amaaraa Kuchoo keessatti yommuu ta’u, isheenis kallattiilee arfaniin daangoftee argamti.

Kunis karaa Bahaatiin Godina Wallagga keessatti kan argamtu ganda Mucoo Ayiraatiin, karaa Lixaa aanaa Daallee Sadiin (ganda Harreeree Dambal) karaa kaabaa ganda Sarbaa jedhamtuun, karaa kibbaa immoo ganda Waayyuu Badhaasiin daangeffamtee argamti.

Haalli naannoo holqa kanaa jireenya lubbu qabeeyyii hundaaf mijataa kan ta’edha. Kana jechuunis haalli teessuma lafaa, qilleensaa, waliin jireenya namootaafi k.k.f mijataadha. Uumamaan holqi kun ija daawwattootaa kan harkisudha. Haalli qilleensa naannoo kanaa Baddadaree yoo ta’u, roobni argatus waggaatti ml 1000 – 1500 yommuu ta’u, ho’innishee digirii seentigreedii 15-30 ta’a jedhamee tilmaamama.

Haalli oomisha naannoo kanaa midhaan gosa garaagaraa wal jijjiirani oomishuufi horii horsiisuurratti hundaa’a. Darbee darbees hojiiwwam ogummaa harkaafi gurmaa’anii hojjechuu yeroo ammaa kana irra jireessaan hojiirra kan ooledha.

Teessumni lafashees ta’e haalli qilleensashees tuuristootaaf kan mijatudha. Keessumattuu bakka kanaaf miidhagina guddaa kan kenne fincaa’aa ofirraa qabaachuusaati. Kana malees keessoon holqa kanaa fageenya km 1.5 ol kan ta’u, fagaatee argamuusaati. Itti dabalees, bakka hawata tuuristii kanaaf miidhagina kan kennu biqiloota namaan dhaabaman kanneen akka bunaa, muuziifi k.k.f. bareedanii argamuusaaniiti.

Holqi kun Holqa Shuushii jedhamee kan moggaafameefis, namoonni holqa kana yeroo daawwatan sagaleen inni gurrasaaniitti dhageessisu “shuu”fi “shii” waan jedhuuf kanarraa ka’ee akka moggaafame seenaansaa ni ibsa. Kanumarraa ka’uun holqi kun holqa Shuushii akka jedhame ragaan jaarsoliirraa walitti qabame ni ibsa. Seenaan holqa kanaas namoonni yoo diina jalaa dhokachuu barbaadan akka bakka holqa kanaatti baqatanii oolaniifi namoonni meeshaa tokko tokkotti yeroo itti fayyadamaa turan hafteen meeshaa isaan itti fayyadamaa turaniillee akka mul’achaa ture jaarsoliin ni himu.

Holqi kun bakka hawata tuuristii aanaan kun qabdu keessaa Fincaa’aa Qilee, Hora Qileefi kanneen biroo waliin walitti dhiyaatee argama. Walitti dhiyeenyi bakkeewwan kanaas tuuristoonni daawwannaaf yoo dhufan salphaatti irra deemanii bira ga’anii ilaaluuf waan carraa kennuufiif faayidaa guddaa qaba.

Holqi kun balbala sadii kan qabu yoo ta’u, foddaa tokkos ofirraa qaba. Keessoon holqa kanaa fageenya tilmaamaan km 1.5 ol kan ta’u fagaatee argama. Kunis keessisaa qixa sirriin diriiree waan argamuuf daandii fakkaatee yeroo argamu , innis karaa seensaafi bahumsaa qaba.

**Madda-Waajjira Aadaafi Turiizimii Aanaa Laaloo Qileefi Jaarsolii biyyaa Naannichaati. Kan gabaase Waajjira Kominikeeshiinii Aanichaati.**

## Ukee/Taaboree

**G**odina Shawaa Kaabaa Aanaa Giraar Jaarsootti Ayyaanni Ukee/Taaboree ayyaana daa’immanii jedhamuun kan beekamu yommuu ta’u, sagantaa garaagaraan kan kabajamudha.

Jala\_bultii\_Ukee/Taaboreetti ijoolleen hunduu бага ittiin isin gahe wagga waggaan isin haa gahu jedhu.

Akka aadaa Oromootti ayyaana Ukee/Taaboree kana ayyaana ijoolleeti jedhuun. Ijoolleen dhiiraa ganna 16 gadi jiran hirmaannaan ayyaana kana keessatti qaban guddaa waan ta’eefi.

Wanneen raawwataman

-Qaccee dhukaasuu: ayyaanichi gaafa dhiyaachaa dhufu, ijoolleen qaccee footee, dhukaasti, qaaccaa faaqxee, qaccee babbareedaa tolfachuun (fo’uun) kan waliin dorgamaniidha. Guyyaa ukee booddee qaccee dhukaasun nidhaabbata. Qe’eenis ‘ciic’ jedha! Qacceen bareedaan qaaccaa irraa hojjetame ammoo qarri(fiixeen) isaa madaabaraa keeshaatu itti godhama kunis akka sagalee qabaatufi. Ijoolleen gamtaadhan ta’anii lafa duwwaa naannoo isaanitti argamutti bahanii qaccee kana gamtaadhaan dhukaasu. Namni qaccee gaarii hin qabaanne nituffatama. Akkasumas yeroo tokko tokko ganda gandaan garee

ummanni qaccee kanaan ennaa isaan wal qoodanii wal reeban gootummaa walitti agarsiisanis jira. Qaccee dhukaasuun akka darbii darboorraa hubannutti sagalee guddaa tulluu Dabra Taaborirratti dhagahame sana ka’umsa akka taasifate ni barsiifama.

-Bixxillee- akkuma beekamu ijoolleen bixxilee (daabboo) akka malee jaallatti. Guyyaa kana ammoo guyyaa jaalala bixxillee kana dheebuu itti baatudha. Manatti bixxillee gaggaariin ni tolfamaaf, nyaanni guyyaa kanaa bixxileedha. Akkasumas guyyaa kana bixxileen dabalataa warra kiristinnaa isaan kaaserraa ni geeffamas. Maatiin tokko ijoollee kiristinnaa kaasan jaalalaafi hordoffii qabaachuusaanii bixxillee isaanii ergamu kanaan beekama. Warri kiristinnaa kaase ijoollee kiristinnaa kaasaniif lakkoofsasaaniitiin bixxillee kana dachaa godhanii tolchanii erguufi. Kanaaf hanqinni bixxillee ayyaana kanarratti hin jiraatu.”Guyyaa bixxillee itti kololchan” jedhama. Kanaaf yoo taphatan “Ukee ukee ukee baaloo; Kee nyaadhe kiyyaan si kabaloo” jedhu. Ka’umsi bixxillee kunis akkasuma seenaa Dabra Taaborirratti raawwatame kan mul’isudha jedhama.

**Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Giraar Jaarsoorraa**

## Faayidaafi qabeentaa Hundee Diimaa

- Hanga cholesterol qaama keessaa ni xiqqeessa
- Goginsa garaa nurraa ittisa
- Fayyummaa ija keenyaaf
- Rakkoo waa irraanfachuun bara dullumaa keessaa nurraa ittisa
- Sirna ittisa dhibee qaama keenyaa ni dabala
- Carraa dhukkuba onneen qabamuu ni hir’isa
- Bareedina gogaa qaama keenyaaf ni gargaara
- Kaansarii mar’ummaan furdaa ni ittisa
- Dhibee kalee nurraa ittisa
- Gartuu sochii dhiigaaf ni gargaara

Qabeentaa Hundee Diimaa (Beetroot)

Vaayitaaminoota gara gosa shaniifi pirootiiniifi

albuudota kanneen akka kaalsiyeemii, Ayiranii, soodiyeemiifi pootaasiyeemiifaan kan badhaadhedha.

Waan hubatamuu qabu


Namoonni dhibeewwan cirracha kalee 0.5 ol, dhibee jilbaafi Rihii qaban hundee diimaa heddumminaan soorachuun faayidaasaarra miidhaasaatu caala waan ta’eef, akka deddeebi’anii hin nyaannetu gorfama.

**Maddi fuula Facebook Dr.Mohaammad Kadir Yirsaawu Mazgabuutiin, Waajjira Kominikeeshiinii Aanaa Beddelleerraa**



**Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!**





Bara 1986 hundeeffame  
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,  
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee  
Addunyaa Hayiluu  
Itti aanaa Gulaalaa Muummee  
Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii  
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa  
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

# Dubbii Ijoo

## Karoorri qonna ceesisuuf qabatame bu’uura saayinsawaa waan qabuuf lafa qabataa jira!!

Karoorri qonna keenya ceesisuuf qabanne beekumsaan kan duurfameefi bu'uura saayinsaawaa akka argatu taasisuu keenyaan lafa qabachaa jira.

Hojii gama qorannoo qonnaatiin raawwatameen, iddoowwan kana dura margee hin beeknetti misooma qamadii babal'dhisuu danda'aa jirra.

Waggoota afur dura, jalqaba sochii kanaa irratti, uwwisni waliigalaa qonna qamadii gannaafi jallisii lafa heektaara kuma 900 yoo ta’u callaa kuntaala miiliyoona 30 irra ture bara oomishaa 2014/15'tti, immoo lafa heektaara miiliyoona 2.5 yommuu ta’u,callaa kuntaala miiliyoona 100 irraan gahameera.

Bara oomishaa 2015/16 kanatti immoo mala saayinsaawaa gama dhaabbilee qorannoo qonnaatiin argaman bal’inaan fayyadamuun lafa gamoojjiitti babal'dhisuun oomisha gannaatiin lafa heektaara miiliyoona 2.2, jallisiidhaan lafa heektaara miiliyoona 2.5, walumaa galatti gara lafa heektaara miiliyoona 4.7'tti dachaan ol guddisuudhaan callaa kuntaala miiliyoona 180 argachuuf karoorfamee hojjetamaa jira.

Naannolee gammoojjii kanaan dura oomisha qamadiin hin beekamne fakkeenya kan akka Godina Harargee Lixaa gammoojjii Aanaa Mi'eessootti qamadiin misoomaa jiru haala gaarii irratti kan argamu yoo ta'uu, kana dura, naannawa kanatti qamadiin kan hin oomishamne qofa osoo hintaane, sababa gamoojjummaatiin hawaasni keenya 'sagantaa "safetynet" irratti hirkachuuf kan dirqame ture.

Ulfinni qorattoota Dhaabbilee Qorannoo Qonnaa, Ummata keenya yaada kana nurraa fudhateefi hoggansa keenya maraaf haa ta'utii, boqonnaan seenaa haaraa banuutti jirra.

Maarree boqonnaa haaraa baname kanatti daran dhimma bahuun ammallee naannoolee hundatti oomishni kun akka babal’atu hojjetamuu qabaata.

Karoora qabame kana hojiitti hiikuun fayyadamummaan uummata keenyaa mirkanaa’ee ce’umsa qonna keenyaa caalaatti babal’atee argamuu qabaata.

Kana waan ta’eef qaamoleen hunduu qindoominaa oomishaafi oomishtummaa naannoo keenyaa guddisuuf hojjechuun irraa eegama.

## Lammiilee waa uumuu danda'an horachuuf xiyyeeffannoo mootummaan hojii kalaqaaf kenne m ilkeessuun murteessaadha

Hojiin kalaqaa kan galma barbaadame gahuu barnoota tiyooriin baratamu yoo gara gochaatti jijjiiramuun danda’ameedha. Kunimmoo manneen barnootaarraa hojii guddaan akka eeggamuudha. Maarree Godina Wallagga Lixaa Aanaa Boojji Coqorsaa Magaalaa Muk-lamiitti hojiin kalaqaafi waantota naannoorraa argamuu danda’amutti dhimmi bahamee hojjetamaa jira.

Haaluma kanaan Barsiisaa Balaay Asfaaw kan jedhaman jiraataa Godina Wallaggaa Lixaa Aanaa Boojji Coqorsaa Magaalaa Muk-lamii kanta'an barsiisaa gosa barnootaa keemistirii ta'anii barsiisaa kan jiran yommuu ta’u yeroo boqonnaasaaniitti barnoota barsiisaan qabatamaa gochuuf leenjii kalaqa ,ariitiifi qulqullinaan hojjechuu sadarkaa biyyaatti bara 2015 kenname bu'uureffachuun hojii kalaqa haaraa wantoota saamunaan irraa qophaa'uu danda'u walitti qabachuun saamunaa hojjetanii gabaaf gatii fooya'aa ta'een dhiyeessanii gurguraa jiru.

Barsiisaa Balaay hojii hojjetan kanaan jalqabbiirra kan jiran yommuu ta'uu akkaataa hojichaa duraan dursanii warra manaasaanii barsiisuun guyyaa hundaa hojichi akka addaan hincinneef walitti fufinsaan hojjetamaa jira. Hojii uumame kanaan hawwaasni fayyadama akka ta'eefi qaama hojjetuufis hojiichi bu'aa guddaa kanqabu ta'uu Barsiisa Balaayiin ibsanii jiru .

Dabalataanis gara fuuladuratti hojichatti xiyyeeffannoo itti kennuun hojichaaf wantoota barbaachisaan maashinii saffisaa,baay’inaafi qulqullinaan akkasumas keemikaalota gosa garaa garaa barbaachisoofi ga'aa ta'ee walitti qabachuun hoji barbaaddota nama 10 oliif yeroo gabaabaa keessatti carraa hojii akka umaniif dubbataniiru.

Dabalataanis barsiisaan afaaniin barsiisuu qofa osoontanee isa barsiisu qabatamaatti hojiidhaan agarsiisaa kan deemu yoota'ee caalmaatti barattoota hubachiisuun waan danda'amuuf hojiin mul’isaa deemuun gahumsaaf dandeettii barataa gabbisuu waanta'eef kalaqni murteessaa ta'uu dubbatanii hojii kanaa yeroo gabaabaa keessatti baballisuuftumsa mootummaan isaaf taasisuu qabu akkuma eegametti ta’ee tattaaffii akka taasisu dubbateera.

Namoonni hojii kalaqa kanan saamunaa hojjetame bitachuun fayyadamani akka dubbatanitti saamunaan kun isa kanirraa gatii bittaa, guddinaafi turtiidhaanillee garaagarummaa guddaa waan qabuuf qaama dhimmi ilaallatuun tumsa barbaachisu taasifamuufiin akka baballatu gaafataniiru.

I/G/Waajjira Carraa Hojii Uumuu Aanichaa Obbo Addunyaa Asraat daawwannaa hojii kanaa irratti argamuun akka dubbatanitti hojii muuxannoo gaariifi mala qaala’insa gabaa fooyyessu kanaafi kan kana fakkaatan aanicha keessatti kalaqaan hojjetamaa jiru kanaaf tumsa barbaachisu kan godhan ta'uu hubachiisaniiru.

Bulchaa Aanichaa Obbo Waaqtolaa Baqqalaa gamasaaniin akka dubbatanitti hojiin kalaqaan hojjetamaa jiru kun muuxannoofi hubannoo barataa gabbisuurra darbee qaala’insa gabaa fooyyessuu tarsiimoo mootummaan dhimmoota kalaqaarratti qabatee xiyyeeffannoo itti kennuun hojjechaa jiru galmaan gahuu keessatti shoora olaanaa taphachuu waandanda'uuf barsiisaa kalaqaan hojjechuun ofiisaanii fayyadanii hoji barbaaddotaaf carraa hojii uumuu, qaala’insa gatii fooyyessuun inisheetivii mootummaan gadi buuse hojjechaa jiru fakkeenyummaa gaarii ta'uun galma ga'insasaatiif carraaqaa kan jiran bira dhaabbachuun tumsa barbaachisu ni goona jechuun dubbataniiru.

*Waajjira Kominikeeshinii Aanaa Boojji Coqorsaa.*

# Beeksisa

## Arsii

Hajjii Aliyii Hamdaa Magaalaa Asallaa ganda 08 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 9026/462/91 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate raga abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Liiliyaa Umar B/Bu’aan Umar Ahimed kan jedhaman kaartaa Lakk.isaa 56/2564/91 ta’e maqaa Liiliyaa Umaritiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biro bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu namni raga kan arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee hanga guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekisfna. Waajjira Lafa Magaalaa Dheeraa

Obbo Gosaa Nagaash Kaartaa mana daldalaa ragaa Abbaa qabeenyummaa (saayitii) harka isaanii jiru Lakk.Kaartaa isaa 4061/96 ta’e Magaalaa Boqqojjii ganda 01 keessatti galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru.Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Boqqojjii.

Obbo Sanbattoo Billiqaa mana jireenyaa kutaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa Aanaa Habaas ganda 02 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa WLKM/0601/15 ta’e lafa kaareemeetira 140M<sup>2</sup> irratti galmaa’ee kennameef Aadde Yeshii Asaffaatti gurguratani ijjiiirraan maqaa akka raawwannuuf waan nu gaafataniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20 dura yoo hin dhiyaatiin jijjiirraan maqaa kun kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Bishaan Gurraachaa.

## Baale

Obbo Magarsaa Dabalee Jimaa Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 830/2001 ta’e maqaa isaanii Magaalaa Roobee Ganda Kibxatee keessatti galmaa’ee argamu waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti akka dhiyaatanii beeksifan,yoo hin dhiyaatin ragaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Waldaa Mana Amantaa Kaatoliikii Roobee Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa Lakk. Kaartaa (serial) isaa 015254 ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Roobee Ganda Caffee Doonsaa keessatti galmaa’ee argamu waan jalaa badeef, ragaa kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti akka dhiyaatanii beeksifan,yoo hin dhiyaatin ragaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Asaffaa Badhaadhaa mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti galmaa’ee argamu Obbo Addisuu Abbabaatti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattuun Dubree Badiriyaa Adam mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee bali’inni lafa isaa 200M<sup>2</sup> irratti galmaa’ee argamu Obbo Mahaammad Muktaaritti waan gurgurataniif, kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyataan Obbo Kifiluu Waaqiraa Nagahee marraasaa mana Jireenyaa Lakk. isaa 0664297 ta’een Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef bali’inni lafa 444M2 irratti argamu waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababaa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaan kan biraa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa.

Iyyattoon Obbo Alamaayyoo Abbabaafi Aadde Aarraash Abbabaa qabiyyee dhuunfaa isaanii kan ta’e lafa qonnaa Magaalaa Gooroo Ganda 02 keessatti argamu abbaafi haadha isaaniirraa dhaalaan kan argatan bali’inni lafa isaa 2500M2 irratti galmaa’ee argamu Sheek Sayid Aamaaniitiif waan kennaniif kennaan kun nuuf haa mirkanaa’u jedhanii iyyataniiru. kan mormu yoo jiraate,beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Gooroo.

Iyyattuun Aadde Maadiyyaa H/Mahaammad mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 02 keessatti bali’inni lafaa isaa 1280M2 irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu irraa hirisanii lafa balinni isaa 300M2 ta’e Obbo Amiin Abdurahamaaniifi Aadde Keeriyaa Kadiritti waan gurgurataniif gurgurtaan kun nuuf haa mirkanaa’u jedhanii iyyataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

### Caalbaasii yeroo 1<sup>ffaa</sup>

Godina Baalee Bahaatti Waajjira Maallaqaa Magaalaa Gindhiir Waajjiraalee jala jiraniif bara bajataa 2016 kan ooluu Bittaa Uffata Seeraa Hojjatootaa, Meeshaalee Barressaa, Meeshaalee Barnootaa, Meeshaalee Qulqullinna\_Meeshaalee Dhaabbii Xixxiqaa Dhumataa, Meeshaalee Dhaabbataa/ Elektroniksii, Farnichara, Meeshaalee poolii Teknika, Gommaa Konkolaataa fi Motorsayikilii, Motor saykilii (Doqdoqqee) Meeshaalee ijaarsaa, Afataaleefi kan kana fakkaatan caalbasii ifaatiin wal-dorgomsiisee bitu barbada .


Haaluma kanaan dorgomtoota seera qabeessaa fi ulaagaalee armaan gadii kan guuttan dorgomuu kan dandeessan ta’uu ni ibsina.

- Gibira bara 2015 kan kafalee, lakk.Eeyyamaa (TIN) fi Hayyama daldaalaa sirrii ta’e kan qabu.tarreefama dhiyeessumaa keessatti kan galmaa’ee. Hayyama daldalaa bara 2016 kan haromsise ykn xalayyaa haromsisuu isaa qaama ilaalu irraa dhiyeefachuu kan danda’u .
- Bittaa gatii qarshii 100,000 fii isaa ol ta’eef dhiheessan kafaltii waraqaa ragaa VAT dhiheefachuu fi xalayaa ragaa galmeeffamaa kan qabu.
- Dorgoman kabachisa caalbasii qarshii 10,000 “CPO” isaa bankii dhaan kan mirkanaa,e qabsiisuu kan danda’u. waldaa IMX yoo ta’ee qaama isa ijaaree irraa xalayaa degarsaa waajjiraaf dhiyyeesu qabu. kabachisaa waligaltee % 10. qarshiidhaan Waajjira keenyaatti qabsiisu qabu.
- Sanada caalbasii qarshii 300.00 kan hin deebinen bitachu kan danda’u.
- Dorgomaa mo,achuun isaa ibsameef ajajinni bittaa erga kennameef booda guyyoota hojii mootummaa 20 keessattii meeshaa qulqullinna qabu bifaafii baayinna gaafatameen geejjiba isaatiin WMM/Gindiirttii dhiyessuu qabu.
- Dorgomaan yeroo gatii guutu meeshaa tokkof gatii tokko qofa gutu qabu.
- Dorgomtonni dorgoman bakka naamunaa /suraa /meeshaa barbaadametti dhiheessun isan irra jira. dokmanti ittin dorgoman orijinalaa fi koppii isaa adda addatti postaadhaan saamsamee chaappaa dhaabatichaa, mallattoo , lakk.bilblaa fii tessoo isaa waliin deebisuu qabu.
- Waajerri meeshaa bitu irratti akka barbachisummaa isatti %10 dabaluuufii hirr’isu mirga ni qaba.
- Dorgomaan sanda bittaa guyyaa beeksifnii caalbaasii Gaazexaa Kallacha ormiyaatiin bahee irraa kaasee guyyoota hojii mootummaa kudha shan(15) keessatti hanga sa’aatii 11:30tti waajjira galiwwan M/Gindhiir irraa yeroo hojii mootummaa bitachuu ni danda’a.
- Sanduqnii caalbasii kan cufamu guyyaa 16ffaa ganama sa’aatii 3:30 tti ta’a guyyaan kun guyyaa ayyaanaa irra olee yoo ta’e guyyaa itti aanu guyyaa hojii mootummaa ta’a.
- Caalbasiin kan banamuu guyyuma kana ganama sa’aatii 4:30 irrattii W/M/Gindhiirtti yoo ta’u bakka dorgomtonnii fi bakka buutonni seera qabeessaa argamanitii ta’a.
- Doorgomtonii dorgoman sanada ittin dorgoman irratti bifa /modela meeshaa ibsu qabachu qaba.
- Dorgomaan Kamiyyuu Kan dorgomuu danda’uu haala hayyama daldalaa ittiin qabun qofa ta’uu huubachuu qaba. kanaan ala kan dorgmu yoo ta’e caalbasii keessaa ni haqama.
- Sanadnii caalbasiii erga sanduqnii caalbasii saamsamee boodaa dhiyatu kamiyyuu fudhatama hin qabu.
- Dorgoman mo,ate waligalte bittaa erga fudhate boda ji’oota jahaaf (6) akka turu beeku qaba.
- Dorgomaa kanaan dura waajjira bittaa raawatuu waliin waliigalte mallatesse digee (dhiyeessuu dide) caalbasii irratti hirmaachuu hindanda’u.
- Mo,ataadhaaf kafaltiin kan raawatamuuf meeshaalee dhiyaate ilaalee kan mirkaneessu koree qulqullina meeshaa sektaroota irraa dhaabbateen fudhatama yoo argate qofadha.

**Hubachisaa:- Waajjirichi carraa biraa yoo argate caalbasicha walakkaadhaan ykn guutumaan guutuuttii haquu mirga ni qaba. Odeeffannoo Dabalataatiif Lak. bilbilaa, 09-20-09-35-46, 09-20-08-68-09 Waajjira Maallaqaa Magaalaa Gindhiir.**

**Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!**





# Tumaa midhaaniifi afoolasaa-Harargeetti

*D*halli namaa jiruufi jireenyasaa keessatti kallattiinis ta’e alkallattiin fooklooriitti dhimma baha. Kana jechuun fooklooriin jecha waliigalaa (generic term) kan afoolaa, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi aartii bakka buufamuun moggaafamedha. Aafoolli damee fookloorii keessaa isa tokko. Afoola jechuun karaa hawaasni tokko aadaa, muuxannoo, falaasama, aartii, afaan, amantaafi seenaasaa afaaniin dhalootarraa gara dhalootaatti ittiin dabarsu jechuudha . Akkuma fookloorii, afoolli jireenya hawaasa tokkoo keessatti iddoo guddaa qaba. Keessattuu hawaasonni gammoojjii Sahaaraatii gaditti argaman seenaa dheeraa beekumsaafi muuxannoo afoola gargaaramuun dhalootarraa dhalootatti daddabarsaa as gahaniiru.

Hawaasa kana keessaa tokko ummata Oromooti. Ummanni Oromoo akkaataa itti waaqeffatu, aadaa, duudhaa, seenaafi safuusaa itti eeggatuufi hojiilee adda addaa keessatti dhaamsa garaagaraa kan waliif dabarsu, wal jajjabeessu, wal qeequufi ittiin wal barsiifatu fooklooriitti fayyadamuuni. Afoolli ogummaa (wisdom) labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha.

Erga waa’ee afoolaa ibsineen booda xiyyeeffannoo keenya guddaan dhimma safuu ykn hooda midhaniiti waan ta’eef isatti haa dabarru. Hooda ykn safuun nuti ilaallu kan ummata Oromoo Harargee giddugaleessa godhatedha. Harargee keessatti afoolli dhalootarraa dhalootatti daddarbu hedduutuu jira. Kanneen keessaa tokko Hoodaa ykn Safuu Eebba Tumaa midhaniin wal qabatanidha.

Hawaasa Harargee biratti, tumaan midhaanii wantoota waggaatti naanna’uun dhufan keessaa tokko waan ta’eef iddoo guddaatu laatamaaf. Kanaafuu yeroo waggaan naanna’ee dhufee yeroon tumaa midhaanii geesse, midhaan tumuu osoo hin eegaliin dura eebba uudaatuu taasifama. Sababiin eebbi uudaa godhamuufis midhaan uuda eebbi hin taasifamiiniifirratti tumame barakaa hin qabu akkasumas daana’oo fi ilbisoota birootiin nyaadhama jedhamee waan amanamuufidha.

Eebbi uudaa kan godhamu tumaa midhaanii osoo hin eegaliin dura guyyaa tokko ykn lama durseeti. Iddoon eebbi kun itti godhamus uudarratti. Eebba uudaa kanarratti maanguddoowwan, ga’essonni, dargaggeeyyiin, aayyonni ykn dubartoonni, shamarraniifi daa’imman hirmaachuu ni danda’u. Garuu maanguddoonni argamuun dirqama ta’a. Sababiinsaas sirni uuda eebbisuu isaaniin waan taasifamuufi. Wantoota eebba uudaatiif qopheeffaman keessaa tokko kismidaala. Kismidaalli qiixxaa bal’aafi yabbuu ta’e kan bishingaa, boqqolloo ykn xaafiirraa tolfamudha. Innis eebba uudaa qofaaf osoo hin ta’iin kadhannaafi eebba biroofillee qopheeffamuu danda’a. Wantoota eebba uudaatiif qopheeffaman keessaa kanneen biroon buna, hoojjaafi jimaadha.

Eebbi uudaa kan godhamu ganama tilmaamaan gara sa’aatii 3:30 hanga 5:50tti yoo ta’u, maanguddoonni sana dura bahanii hanga namoonni hundi argamanii naannuma uudaatti gaaddisa jala tattaa’aa eegu. Warreen ga’eessotaa jimaa harawaacanii dhufu. Warreen dubartootaa immoo kismidaal qopheessanii, hoojjaa dhaabanii akkasumas buna

danfisaniid fidu. Daa’immanis warreen dubartootaa faana dhufuun eebba uudaa taasifamurraa qooda fudhatu. Haala kanaan erga namoonni hunduu argamaniin booda kismidaal qophaa’ee qalamshiishaan cuqqaalamee dhufe maanguddootti kennu. Maanguddoonis qalamshiisha irraa bananii kismidaal albeen muraa akkas jechaa eebbisu:

Daraaraa gabaa, eeyba gabaa!

Daraaraa gabaa, eeyba gabaa

Rabbiin warra baranaa kan bara hedduu nu haa taasisu

Warra facaafatee muratu, kan muratee tumatu

Kan tumatee galfatu nu haa taasisu

Kan calla cegalees nu haa nyaachisu

Uuudi tan barakaa haa taatu

Boolli barayyuu haddaariin haa baatu

Gabroo firiin killee haa taatu

Firiinsaa dhagaarrattillee haa magartu

Abbaan itti dafqe nagayaan haa nyaatu

Aafaanni midhaan balleessaa dhabama

Barakaa xuphiin argama!..

Kismidaal haala kanaan erga murameen booda, jalqabarratti daa’immaniif qoqqoodama. Itti aansuun warreen dubartootaatiif sana booda warreen dhiiraatiif kennama. Dhumarratti, maanguddoonnis ni fudhatu. Kismidaal muramee haala kanaan qoqqoodame irraa kan hafu qalamshiishaan cuqqaalanii ykn qadaadanii kaa’u. Kunis, qalamshiisha kismidaaliin dhufe duwwaa deebisuun abaar farrisuudha jedhamee waan hoodatamuufidha.

Kismidaal erga muramee qoqqoodameen booda namoota hundaaf buna qicanii dhugan. Kana booda jimaan maanguddootaaf raabsama; dubartootaafis ni laatama. Warreen dhiiraatis qamaatii eegalu. Hoojjaa qicatanii lulluuqqatan. Erga qama’anii raawwataniin booda dubartoonni meeshaa kismidaaliin fidan akkasumaas kanneen hoojjaafi bunaan fidan fuudhanii gara manaa galu. Maanguddoonni immoo uudatti tuttufaa akkas jechuun eebbisani galu:

Uudi uuda barakaa qabdu haa taatu

Dhiibaa bobbaasaa dhiibaa galchaa...

Walumaagalatti, sirni eebba uudaa isa armaan olitti ibsame yoo ta’u, yeroo ammaa garuu sirni kun dagatamaa jira. Akka maanguddoonni jedhanitti “ Dur gaafa nuti joollee, uuda tokkorraa gara tan biraatti deemaakismidaal nyaannature. Uudummaan osoo eebbi itti hin godhamiin irratti tuman hin jirtu. Aadaan kun dhawaataan xiqqaachaa dhufee boodarra yeroo ammaa sadarkaa dagatamuurra gaheera. Yeroo amma namni safuu dhabuurraa kan ka’e midhaan uuda irratti tumuu dhiisee shaaraa jala hafee irratti tuma. Kun hooda ykn safuu midhaanii miti. Shimbirroo, adarii (bullaallaan) waan soorattu waan dhabdeef wacasaaniillee dhabnee jedhu” maanguddoonni naannichaa.

*Muummee Jamaal, Waajjira Kominikeeshiinii magaalaa Ciroorraa-Harargee Lixaa*

## Walaloo Geerarsaa abbaafi haadha ittiin faarsan

*G*eerarsi kun Geerarsa Abbaafi Haadha ofii ittiin faarsan yookiin maqaasaanii ittiin ol kaasanii jajatanidha. Ilmatu Abbaafi Haadhasaa faarsa jechuudha. Geerarsi kunis kan Geeraramu gaafa daboo, cidhaafi haalawwan kana fakkaataniiti. Geerarsi aadaa Oromoo keessatti bal’inaan kan beekamudha. Akkaataaniifi haalonni geeraruuf sababa ta’an garuu bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu ni danda’u. Yeedaloonsaaniis akkasuma. Afoolawwan gurguddoo akka waliigalaatti beekaman keessaa Geerasri isa tokko. Haaluma kanaan walaloon Geerarsaa kanatti aanu Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Laaloo Qileefi Aanaalee naannichatti argaman keessatti ballinaan kan beekamudha

*Geerari geerari naan jedhuu  
Geerarii maal na gorsuu  
Nayyuu garaan hin obsuu  
Garaan maaf na ciisaree  
Ilaalimee ya ababbabaa  
Qamalee eegee dabaa  
Weenniin muka dabsattee  
Dabareen kee maaf darbaa  
Wareen kee maaf jal'ataa  
Atisoo ilma dhalchattee  
Amoolee kee cabsattee  
Keessan buusa maqaa kee  
Akka kuula wayyaa kee  
Aabboo jabboota burree  
Bitee dabala malee  
Yaa isa keessaa hin gurgurree  
Abbayyee dilbii dammaa  
Yoo Jennes maal giddii qabnaa  
Yaa isa gaagura leele  
Yaa isa damma cilleele  
Yaa isa dallaa dikeessuu  
Yaa isa dikeessee qoorsuu  
Yaa isa dhabaaf liqeessuu  
Yaa isa liqeessee oolchuu  
Yaa isa gindiin gommoolaa  
Yaa isa dilbiin sobbooqaa  
Yaa isa goofareen baallee  
Yaa isa foon malee hin nyaannee  
Yaa galixaa kusaayee  
Sagal fixaa bushaayee  
Ilaamee abbee kootii  
Anoo jiraam qalloon kee  
Maaliif hafa tarreen kee  
Maqaa kee nan masaraa  
Aabboo harriituu saabbitee  
Gaafa ati keessaa ooltee  
Kan hiriyyaan gaabbitee  
Aabboo areeda hafanfaraa  
Akka leenca daggalaa  
Iddoon kootii koo dha'ee  
Baaqqee koo sarariuuree  
Iddoon aabboo koo waamee  
Da'ee koo dabaluuuree  
Da'een koo da'ee caaltii  
Isa dhufuun nooraa jettii  
Isa galuun oolaa jettii  
Siree isheetu hafa qabaa  
Afaansheetu safuu qabaa  
Harmee diinqa dukkanaa  
Akka waaqa gubbanaa  
Ya ishee qabee gurguddaa  
Ya ishee qabeenya guddaa  
Maafan dhoksa maqaa kee  
Cafaqxee afaan na keessee  
Yaa harmee dhiira daangultuu  
Ya ishee akka dhiiraa bultuu...*

jechuun abbaafi haadha ofii mararfatan. Faaruu Geerarsaa kanaan jaalala qabaniif baasanii ibsu.

*Maddi odeeffannoo- Jaarsolii biyyaati.  
Bilisee Taarikuu, Waajjira Kominikeeshiinii aanaa  
Laaloo Qileerraa-Qellem Wallaggaa*

**Finxaalessummaan summii sab-daneessummaati; haa faccifnu!**

## Booranaa

B/saa Saahiluu Fayyisaafi Aadde Seenaa Araarsaa qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk. Sayit pilaanii isaa 9375/ BMNB/01/01/02 kan ta’e lafa kaareemeetira 160 irratti Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti argamu Aadde Nadhii Huseen Dubeetti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Aadde Alamtsahaay Baqqalaa B/B Komaandar Tashaalaa Baqqallaa qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 586/2000 ta’e lafa kaareemeetira 232 irratti maqaa isaaniitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti galmaa’ee beekamu Lakk.mana ---- ta’e Obbo Isheetuu Warquu Daadhiitti gurgureerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Obbo Adaanaa Faanoosiifi Aadde Liyyuusawu Kidaanee Kinnisaa B/B Aadde Marimaa Huseen Heexoo qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 8563/ BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 266 irratti maqaa isaaniitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti galmaa’ee beekamu Lakk.mana ---- ta’e Obbo Diidoo Iyyaatti gurgureerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

Obbo Ilafaachewu Ayinaalam Andargee B/B Obbo Magarsaa Dassaalee Fayyisaa qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.Sayit pilaanii 0684/BMN/01/01/01 ta’e lafa kaareemeetira 602 irratti maqaa isaaniitiin Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti galmaa’ee beekamu Lakk.mana ---- ta’e Aadde Amiinaa Mahaammaditti gurgureerra waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa.

## Gujii

### Caalbaasii

Waajjirri Maallaqaa Aanaa Oddoo Shaakkisoo manneen hojii mootummaa Aanicha keessatti argaamanif **1. Meeshaalee Barreessaa 2. Meeshaalee `Qulqullessaa 3. Meeshaalee Dhaabbii Xixxiqqa Biiroo keessa 4. Bittaa Korboo Konkoolaataa 5. Uffata Seera 6. Elekitirooniksii fi Furniture** bara bajaata **2016** tiif caal-baasii ifaatiin wal-dorgomsisee bituu barbada. Kanafuu caal-baasii irrattii dorgomtootni hirmachuu barbadaan, bu’urumaa kanaa gaditti ibsameen dhiyaatanii dorgomuu ni dandeessu.

- Dorgomtootni kallattii hojii daldalaa isaanittin heeyyamaa daldalaa bara 2015 haromsan ragaa sanadootaa ittin galma’an Ragaa lakkofsa TIN footoo koppii isaa sanadaa caal-baasii walin qabsisaan dhiyyeesuu qabu.
- Dorgomtooni dhiyaatan galmaa’aa taaksii dabaltaa (VAT) galmaa’uu isaaniitiif ragaa fotoo koppii dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
- Dorgomtootni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni Kun Gaazexaa Kallalcha oromiyaatiin maxxanfamee bahe irraa eegalee guyyota hojii /15/ kudha shan/ keessaattii yeroo hundaa sa’aati hojii gosa sanada caal-baasii tokkon Tokkon isaaf maallaqaa hin deebine qarshii **200.00** (dhibbaa lama) kaffaluun Adeemsa bittaa waajjira maallaqaa Aanaa oddoo Shaakkisoo Lakk. **3**tti dhiyaachuun sanadicha bitachuu ni danda’u.
- Dorgomaan kaamiyyuu kabachiisa Caalbaasiif kan oolu gatii tilmammaa bittaa waligalaa **%2** maqaa Waajjira Maallaqaa Aanaa Oddoo Shaakkisoo CPO ykn cheekii Baankiidhaan mirkanaa’e sanada Orijinaala caalbaasicha waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa **meeshaalee barreessaa, meeshalee qulqullesaa fi meeshaalee dhaabbii xixiqqa biiroo keessaa** poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa 16ffaa sa’aati 4:00 hanga sa’aati 6:00tti Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo lakk. 3 Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi **meeshaalee barreessaa, meeshaalee qulqullesaa fi meeshaalee dhaabbii xixiqqa biiroo** keessaa gaafa guyyaa 16ffaa sa’aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo keessatti banama.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa Bittaa **Korboo konkoolaataa fi uffata seera** poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa 17ffaa sa’aati 4:00tti hanga sa’aati 6:00tti Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi Bittaa **Korboo konkoolaataa fi uffata seera** gaafa guyyaa 17ffaa sa’aa 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo keessatti banama.
- Dorgomtootni sanada caalbaasichaa Bittaa **Elekitirooniksii fi Furniture** poostaa saamsameen, Orjinaalaa fi kooppii addaan baasuun gaafa guyyaa 18ffaa sa’aati 4:00tti hanga sa’aati 6:00tti Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo Saanduqa Caalbaasicha kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
- Caalbaasichi meeshaalee **Elekitirooniksii fi Furniture** gaafa guyyaa 18ffaa sa’aati 8:00tti dorgomtootni ykn bakka bu’oonni seeraa isaanii, akkasumas taajjabdoonni bakka argamanitti galma Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo keessatti banama
- Mo’ataan caal-baasii meeshalee ittiin mo’atee hundaa hangaa Waajjira maallaqa Aanaa oddoo shaakkisoo dhiyeessuu qaba.
- Afaan caal-baasichaa itinii geggeeffamuu Afaan oromiffaatiin.

Waajjiricha filannoo fooyya’e yoo argatee caal-baasichaa guutummaan guututti ykn gar-tokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan Kan eegame dha.**Odeeffannoo dabalataaf Lakk.Bil- 0463342005 Waajjira maallaqa Aanaa Oddoo Shaakkisoo**

### Caalbaasii

Godina Gujii Lixaatti Waajjiri Maallaqaa Aanaa Galaanaa seekteroota Aanichaa ttif meeshaalee barbaachisaan caalbaasiiifaan dorgomisiisee bituu barbaada waan ta’eef qaamni ulgagaalee dorgomichaa guutuu hundu kan hafeeramee dha.

#### Meeshaalee Beekisisa kan bitaman

- Meeshaalee Barreefama /Esteeshiineerii/
- Meeshaalee Eleekitiroonkiisii.
- Meeshaalee dhaabii.  
Ulaagaalee Dorgomiichaaf Barbaachiisan  
Qaamni dorgomiif dhihaatu kamiyyuu ulaagaalee gadii guutee dhihaachuu qabaata,
- Galmaa Taaksii Dabalataa Qabeenyaa VAT fi Ekiisayiisii kan ta’ee kaffaltiisa seeran kan rawwachaa jiru.
- Hayyama Daldala bara 2016 kanhaaromsee fi taaksii baraa 2016 kaffalusa raga kan dhiheefatu.
- Raga TIN Tax identification Number/dhineeffachuu kan danda’u.
- Kabachiisa caalbaasiif Bid Bond baankiin mirkana;ee ykn wabii baankiirraa /CPO/Qarshlii 5000 /kumaa shanlii /dhiheesu qabsiisu kan danda’u.
- Dorgomaan kamiyyuu Qarshii hin deebinee **500 Qar.** / Dhibbaa shan /sanada caalbaasii Wajjirii Maallaqaa Aanaa Galaanaa Biiroo Lakk 5 tii dhiyaatee bitachuu kan danda’u
- Sandiin caalbaasii yoo guutammu haqaa fi laaqaa yoo qabate fudhatamaa kan hin qabnee dha .
- Sandiin caalbaasii Guyyaa beeksiifin caalbaasii kun Gaazeexaa irratti maxxansame Guyyoota sanbataafi Dilbata dabalatee Guyyaa /15/kan gurgramuu ta’a.
- Caalbaasiin gaafaa guyaa Beekisiifin caalbaasii guyyaa Gaazzexaa irratti maxxansame guyyaa 16 ffaa sa’aatti 4:00 irratti samsamee turtii daqiiqaa Sodoomaa /30/ booda sa’aatti 4:30 irratti bakka dorgomiitoonni yookiin bakka bu’oonni seeraa isaanii jiranitti banama /Guyyaa Sanbata xiqqaaf dilbaata yoo’ta’ee Wixxata ta’a.
- Bakki baniinsi caalbaasii itti taasifmuu Wajjirria maallaqaa Aanaa Gaalaan biiroo/8/ta ‘a.
- Qaamni dorgomi mo’aate Waajiraa Waliin Waliigaltee mallatteessuu kan danda’uu fi bu’ura Waligalteen meeshaalee dhiheesuu kan danda’u.
- Itti gaafatamuumaa Waliigalteen ala dhuuf Waajjiri itti hin gaafatamu.
- Wajjira Carraa fooyy’aa yoo argatee beeksisaa Caalbaasii guutummaan yookiin gar-tokkeen haquu ni danda’a.
- Dhaabbilee seeraan dhoorkiin dhiyeessaa Bittaa Mootummaa isaan irraatti godhamee dorgomuu hin danda’an.**
- Odeeffannoo Dabalataf Lakk Biib +251911796328/+251910595210**

#### Teessoo Godinaa Gujii Lixaatti Waajjiraa Maallaqaa Aanaa Galaana

Obbo Kabbadaa Baanataa mana jireenyaa Lakk.isaa --- -- ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda B/ Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 160 irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 7072/15 ta’e Obbo Ahimad Muhaammed Umaritti waan gurguraniif waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Aadde Kaasech Baqqaanaa Nagahee Lakk.isaa 1941975 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Obbo Birruu Angaasaa Kaartaa Lakk. isaa S/6077/99 kan ta’e Lakk Galmee B-973 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, galmee isaanii gurmeessinee tajaajila kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Ayyalech Waldee Magaalaa Mojoo keessaatti Waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa mana jireenyaa Kaartaa Lakk.isaa 981/2011 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennamee waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu qaamni ragaa kana arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyeessuu baate kaartaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Mojoo.

Obbo Dammaqaa Geetuu Kaartaa Lakk.isaa S/9874/2000 kan ta’eefi Lakk. Galmee D-757 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu ragaa kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, galmee isaanii gurmeessinee tajaajila kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

**Obbo Maabiraat Nagaashiitiif Bakka Jirtanitti**

Himataan Obbo Abbabee Xaqililifi Himatamaa isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 23/01/2015 sa’aatii 4:30 irratti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan jechaa, kan hin dhiyaanne yoo ta’e falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/A/Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Girmaa Damisee Nagahee Lakk.isaa 1128380 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



# Seeraafi Haqa

*Taammanaa Gammadaa*

## Sababootaafi miidhaawwan diiggaa gaa’elaa

**Sirna seeraa Itoophiyaa keessatti bulchiinsa diiggaa gaa’elaa**

Maatiin bu’uura hawaasummaafi dinagdee biyya tokkooti. Miseensi maatii tokkoo yoo lakkoofsaan xiqqaa ta’es bu’aan ijaarsa hawaasaarratti qabu garuu olaanaadha. Taateewwan maatiirrattti dhiibbaa qaqqabsiisan kamiyyuu hawaasa bal’aarratti dhiibbaa qabu. Kanarraa kan ka’e hundeeffama maatii keessatti mootummaan dantaa akka qabaatuufi seeraan dhimma hogganamuu qabudha.

Itoophiyaan Heera jalqabaa bara 1924 ALI kan qabaatte yoo ta’u, Heerri kun waa’ee caaseffama mootummaa giddugaleessaafi aangoo Mootii kaa’uurra kan darbe dhimma maatiif haguuggii kennee hin jiru. Tumamuu Heera kanaan boodatti sochii hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaa biyyattii mootummaa giddugaleessaan hogganuuf haala bal’ina qabuun seera tumuu kan jalqabde walakkaa jaarraa 20<sup>ffaa</sup> irraa eegaleeti. Seerota yeroo kana tumaman keessaa bal’inasaatiin sadarkaa jalqabaatti kan kaa’amuu danda’u Seera Hariiroo Hawaasaati. Seerri kun bara 1952 ALI kan tumame yoo ta’u, dhimmoota seerri kun bulchu keessaa tokko dhimma maatiiti. Dhimmoota maatii seera kanaan haguugaman keessaa tokko dhimma gaa’elaati. Seerri kun haala hundeeffama gaa’elaa, bu’aa hundeeffama gaa’elaafi diiggaa gaa’elaa tumee jira.

Bu’uura tumaa Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa bara 1952 ALItti baheen waliigaltee wal fuutotaatiin qofa diiggaan gaa’elaa hin taasifamuun raawwatamuu hin danda’u. Haata’u male, iyyannoo wal hiiktonni waliin tahuun ykn dhuunfaadhaan jaarsolii firaa biratti dhiyeessaniin diiggaan gaa’elaa taasifamuu mala. Seera kana keessatti sababoota diiggaa gaa’elaatiif ka’umsa ta’an kaa’amaniiru. Haalli diiggaan gaa’elaa itti raawwatamuufi bu’aan diiggaa gaa’elaa sababa diiggaa gaa’elaatiif kaa’umsa ta’eefi seeraan kaa’amanii jiran kunneen hubachiisuu danda’uufi dhiisuurratti hundaa’uun garaagarummaa qaba.

Bu’uura Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaatiin sababoonni diiggaa ga’elaatiif ka’umsa ta’an sababoota ijoofi sababoota biroo jedhamuun kaa’amaniiru. Sababoota ijoo jedhamuun kan kaa’aman wal fuutota keessaa tokko sagaagalee yoo argame, wal fuutota keessaa tokko isa kan biraa yeroo waggaa lamaafi isaa oliif bakka hin beekamnetti dhiisee yoo deeme, wal fuutota keessaa tokko buufata turtii dhukkubsatoota sammuuitti yeroo waggaa lamaa oliif yoo daanga’ee ture, wal fuutota keessaa tokko mana murtiitiin baduunsaa yoo labsameefi gaa’ellichi gama amantaatiin hundeeffame deebi’ee gamuma amantaa kanaan kan haqame yoo ta’e jechuun kaa’amaniiru. Sababoota kanneeniin alatti sababoonni jiran sababoota biroo jedhamuun ibsamaniiru. Sababoota ijoonis ta’e sababoota biroo jedhamuun kanneen ibsaman diiggaa gaa’elaa fiduu kan danda’an yoo ta’u, diiggaan bu’uura sababa ijootiin gaafatameefi diiggaan sababa biroorratti hundaa’uun gaafatame garuu bu’aa garaagaraa qabaachuu danda’a. Diiggaa gaa’elaatiif ka’umsa kan ta’e sababa ijoo qaama tokkoon raawwatame yoo ta’e qaamni kun hanga qabeenya waloo hunduma dhabuutti gama jaarsoliitiin adabamee gaa’elli diigamuu danda’a.

Sadarkaa Heeraatti Heerri jalqabaa waa’ee maatiif haguuggii ifa ta’e kenne Heera Itoophiyaa bara 1948 ALI fooyya’ee bahedha. Heerri kun kwt 48 jalatti maatiin madda qallabaa, ka’umsa guddina biyyattii, jalqabbii barumsaafi nageenya hawaasummaa ta’uusaatiin eegumsi addaa ni taasifamaaf jedha. Heera kanatti aanuun Heerri bara 1980 ALI bahes kwt 20 jalatti maatiin bu’uura hawaasummaa ta’uusaatiin gama

mootummaafi hawaasaatiin eegumsi taasifamuufii akka qabu tumeera. Heerota kanneen keessatti dhimma maatiif eegumsi addaa akka taasifamuu qabu kan kaa’ame yoo ta’es, dhimmi maatii bulchuuf seerri Seera Hariiroo Hawaasaa dursa tumamee jirurraa adda tahe tumamee hin turre.

Itoophiyaa keessatti jijjiirraa sirnaafi siyaasaa bara 1983 ALI taasifameen wal qabatee Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itoophiyaa (HMFDRI) bara 1987 ragga’era. Heerri kunis dhimma maatiitiif ifatti haguuggii kennee jira. Heera kanaafi labsiilee Heera kanarratti hundaa’uun tumaman keessatti akkasumas Heera Naannoo Oromiyaafi Labsii seera maatii Heera kanarratti hundaa’uun tumaman keessatti tumaaleefi qajeeltoowwan maatiifi gaa’ela bulchan akkasumas tumaaleen Seera Yakkaa rogummaa qaban akka armaan gadiitti ilaalamaniiru.

**HMFDRIfi Heera Naannoo Oromiyaa**

HMFDRIfi Heerri Naannoo Oromiyaa keewwata wal fakkaataa ta’e jalatti jecha wal fakkaataa ta’een dhimma maatiifi gaa’elaaf haguuggii kenneera. Qajeeltoowwan Heera lamaanuu keessatti ibsaman keessaa ijoon gaa’elli dhiiraafi dubartii gidduutti raawwatamuu, gaa’elli fedhii bilaisa ta’e qofarratti hundaa’uun kan bu’uureffamu ta’uu, yeroo hundeeffamaa, turtiifi yeroo diiggaa gaa’elaatti wal fuutotni mirga wal qixa ta’e qabaachuufi mirgiifi dantaan daa’immanii yeroo diiggaa gaa’elaatti eegamuu akka qabu kanneen jedhanidha. Dabalataanis, maatiin hundee uumamaafi hawaasummaa ta’uusaatiin gama mootummaafi hawaasaatiin eegumsi taasifamuufii akka qabu akkasumas wal dhabbii maatii keessatti uumamu fedhii wal falmitootaarratti hundaa’uun bu’uura seera aadaafi seera amantaatiin hiikamuu akka danda’u Heerri lameenuu tumaniiru.

Tumaalee Heeraa kanneen keessatti kaa’aman keessaa gaa’elli fedhii bilisaa wal fuutotaatiin qofa akka hundaa’uufi hundeeffamaafi turtii gaa’elaa keessatti mirga wal qixa qabaachuunsanii diiggaa gaa’elaa hir’isuu keessatti shoora olaanaa qaba. Akkasumas, falmiin maatii keessatti uumamu fedhii wal falmitootaatiin seera aadaarratti hundaa’uun fala akka argachuu danda’u deemsa filannoo kaa’uunsaas diiggaa gaa’elaa hir’isuu keessatti gahee mataasaa qaba jedhamee tilmaamama. Bu’aa diiggaa gaa’elaatiin wal qabatee tumaan mirgaafi dantaa daa’immaniif tika gochuuf kaa’ame miidhaa diiggaa gaa’elaa hir’isuu keessatti gahee olaanaa qaba. Yeroo diiggaa gaa’elaa wal fuutotni mirga wal qixa ta’e akka qabaatan tumaa akeeku diiggaa gaa’elaa hir’isuufi miidhaasaa xiqqeessuudhaan wal qabatee gumaacha olaanaa qaba.

Heeronni kunneen jecha wal fakkaatuun maatiin hundee uumamaafi hawaasummaa ta’uusaatiin gama mootummaafi hawaasaatiin eegumsi taasifamuufii akka qabu ni kaa’u. Taateewwan maatii miidhan keessaa tokko diggaa gaa’elaa yoo ta’u, diiggaa gaa’elaa hambisuufi miidhaa diiggaa gaa’elaa hir’isuuf hawaasniifi mootummaan dirqama akka qaban tumaa kanarraa kan hubatamudha. Barmaatilee diiggaa gaa’elaatiif sababa tahan hambisuufi miidhaa gaa’elli wal hiiktota, daa’imman wal hiiktotaafi hawaasa bal’aaraan gahu hir’isuuf tarsiimoo diriirsuufi seera tumuun tarkaanfilee mootummaan maatiif eegumsa taasisuuf fudhatu keessaa tokko tahuu mala. Haata’u malee, gaheen mootummaa kana qofa jedhamee hin tilmaamamu. Barmaatilee diiggaa gaa’elaaf ka’umsa ta’an balaaleffachuufi duudhaa wal dhabbii dhirsaa fi niitii jaarsummaadhaan xumuruun babal’isuun gama

hawaasaatiin maatiif eegumsa taasisuuf tarkaanfilee fudhatamuu malanidha.

**Seera Maatii Mootummaa FDRIfi Seera Maatii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

Seerri maatii MFDRI bara 1992 ALI kan bahe yoo ta’u, seera kana baasuuf wantoonni sababa ta’an seensa labsiichaa keessatti kaa’amaniiru. Sababoota kanneen keessaa muraasni Heerri MFDRI kwt 34 jalatti mootummaan maatiif eegumsa gochuu akka qabu tumuusaatiin wal qabatee eegumsi mootummaan gochuu qabu keessaa seera dhimma maatii bulchu baasuu waan ta’eef, yeroo hundeeffama, turtii maatiifi diiggaa gaa’elaatti wal qixxummaa abbaa manaafi haadha manaa dhugoomsuuf, eegumsaafi mirga daa’immaniif Heeraafi sanada mirga namoomaa Itoophiyaan raggaasifte keessatti beekamtii argatan duukaa seera jiru fooyyessuun waan barbaachiseef akkasumas wal dhabbii maatiin wal qabatee uumamu qaama gaumsa qabu biratti haala haqa qabeessaafi bu’a qabeessa ta’een furmaata akka argatu taasisuufi kan jedhanidha.

Sadarkaa Mootummaa Naannoo Oromiyaattis labsiin dhimma maatii bulchu yeroo jalqabaatiif bara 1995 ALI baheera. Waa’een barbaachisummaa labsii kanaas seensasaa keessatti kaa’ameera. Maatiin hundee uumamaafi hawaasummaa ta’uusaatiif eegumsi seeraa waan isa barbaachisuuf, fuutiifi heerumni yeroo raawwii, waliin jireenyaafi diiggaa keessatti fedhiifi bilisummaa wal fuutotaa qofarratti kan hundaa’e akka tahuuf, seerri maatii Heera maatiifi waliigaltee biyyi keenya raggaasifte duukaa fooyyessuun barbaachisaa waan ta’eef jechuun barbaachisummaa labsichaa balballoomseera.

Labsiileen lameen, jechuunis kan Mootummaa Federaalaafi Mootummaa Naannoo, hundeeffama gaa’elaatiin wal qabatee tumaalee bu’uuraa kaa’aaniiru. Tumaaleen kanneen keessaa muraasni : gaa’elli fedhii guutuufi bilisaa wal fuutotaa qofarratti hundaa’uu akka qabu, namni tokko gaa’ela raawwachuuf umrii waggaa 18 guutuu akka qabu, namni tokko osoo gaa’ela seeraqabeessa ta’e keessa jiruu gaa’ela biraa raawwachuu akka hin qabne ni kaa’u.


Akkuma armaan dura kaafne gaa’elli akkuma deemsa garaagaraan hundeeffamu deemsa garaagaraan dhabamuu danda’a. Taateen ijoon gaa’ela gara dhabamuutti fidan wal fuutota keessaa du’uu isa tokkooti. Diiggaan gaa’elaa gama mana murtii qofaan kan geggeeffamu yoo ta’u murtii diiggaa gaa’elaa kennuun dura garuu gaa’ela oolchuuf tattaaffileen garaagaraa taasifamuu akka qaban seeroonni lameenuu ni ibsu.

Bu’uura Seera Maatii Mootummaa Federaalaafi Mootummaa Naannoo Oromiyaatin diiggaan gaa’elaa haala lamaan geggeeffamuu danda’a. Inni tokko waliigaltee wal fuutotaatiin ta’ee waliigalteen kun gama mana murtiitiin fudhatama yoo argate yoo ta’u, inni kan biraa iyyanni diiggaa gaa’elaa waloodhaan ykn wal fuutota keessaa isa tokkoon yeroo dhiyaatudha. Waliigalteen diiggaa gaa’elaa fedhii wal fuutotaatiin gaafatamu bu’aa diiggaa gaa’elaa kan hammate akka ta’u yoo barbaadamu diiggaa gaa’elaa gaafatamuuf sababa caqasuun garuu wal fuutotarraa hin eegamu.

Iyyanni diiggaa gaa’elaa waliigaltee wal fuutotaarratti hundaa’uun yeroo dhiyaatetti manni murtii iyyattoota waliin ykn adda addatti marii taasisuun wal fuutonni yaadasaanii akka dhiisaniif gorsuu qaba. Yeroo kanatti wal fuutonni yaadasaanii kan hin jijjiirre yoo ta’e akkuma haalasaatti yeroo irra ***Gara fuula 19tti***

**Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir’isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!**





# Hawaasummaa

Galaanaa Kumarraa

## Torbee Barnootaa: Torbee Dhalootaa!

**T**orbee Barnootaa: Torbee Dhalootaa jedhan Pirezidaantiin Bulchinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Obbo Shimallis Abdiisaa toora feesbuukiisaan barreesaniin jalqabbii sagantaa baruufi barsiisuu bara 2016 ilaalchisuunPirezidaanti Shimallis ergaa barreeffamaa toora feesbuukiisaaniin dabarsan akka armaan gadiitti dhiyaateera.

“Barnootaa barnootaa, ammas barnootaa; Kana ta’uu qaba, kaayyoon Oromootaa.” Doktara Kabajaa, Artisti Alii Birraa!

Walaloo Weellisaa fi hayyuu guddaa kana akkasumaan hin fudhanne. Dhimma barnootaa keessattuu, barnoota ummata Oromoo wayita kaafnu gumaacha qabsaa’otaa/hayyoota keenyaa dagachuun hin danda’amu. Bara dukkanaa sana keessatti barnoonni meeshaa qabsoo kamuu akka caaluu kan hubatan dirreen qabsoofi iddoon jiran osoo isaan hin daangessin sabni akka baratuuf hojjetaniiru; qabsa’aniiru. Dhiibbaan alaa akka sabaatti Ummata Oromoorra gahaa ture qolachuufis barnoonni meeshaa qabsoo ta’uu akka qabu hojjetaniiru. Hundaa’ol salphina hiyyummaafi boodatti hafummaan itti dhufe irra aanuuf ammoo barnoonni meeshaa bakka bu’aa hin qabne ture. barnoota madda bilisummaa hundagaleessaati.

Qabsaa’onni keenyas kana hubatanii turan. Goonni barnootaa keenya Jeneraal Taaddasaa Birruu “Nama baratetu mirga isaa gaafata” jechuun Oromoon akka baratuuf kakaasa turan. J.Taadde ijoollummaadhaa kaasee foolii sibiilaafi waraanaa suufaa guddatanis, afaan qawwee angafa qabso taasisuun dhaadhessanii hin beekan. Injifannoofi bilisummaan hundagaleessi dhaloota barnootaan kunuunfameen qofa akka mirkanaa’u goota dursanii hubataniidha.

Barnoonni invastimantii borumtii bu’aa hin agarsiifne ta’us, ummannifi biyyi barnootaafi dhaloota irratti hojjetu bu’aa bara baraa argatu malee hin kasaaran. Invastimantiin barnootaa biyya keenyaa akka waliigalatti sadarkaa gadi bu’aarra kan ture ta’us, loogii hamaa kan qabu ta’uu isaatiin akka biyyaatti sadarkaa siyaas-dinagdeen gahuun danda’amuurra duubatti hafneerra. Hoggansi Jijjiiramaa biyyaafi naannoo keenyaas gorsa gootota barnootaa keenyaaf amanamuun, har’a hojii manee barootaaf kuufame waliin wal’dhaansoorra jira. Hir’dhuufi cabni dinagdee, siyaasaafi yaadqalbii ummata keenyaa inni guddaan barnootaan kan dhufee fi wal’dhaansa barnootaafi sirna barnootaa irrattii taasifamuun kan guutamuufi suphamu ta’uu hubachuun hojiitti gale.

Hooggansi keenyas barnoota toora xiyyeeffannoo ijoo shananfi galmoota gurguddoo sadan Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessaa isa tokko, taasissee irratti hojjechaa jira. Gatiin barnoota qulqullina qabu babal’dhisuuf taasisnu, dhaloota heddu gara fuulduraatti dhufanirraa hojii manaa kan sal’phisu qofa osoo hin taane, hedduu kan fayyaduudha. Akka Sabaatti egeree dhaloota keenyaa sirressuufi murteessuun kan danda’amuu har’a waan hojjechuu qabnu raawwachuun waan ta’ee fi, “Sabni ‘BORU’ abboomuu fedhu, har’a



qophaa’uu qaba.” kan jennu. Hojiin boru nu abboomsu, waantoota investimantiin barnootaa barbaadu dhiyeessuufi babal’dhisuudhaan kan dhugoomu ta’uu hubatamuu qaba.

Gama kanaan ummata qusannaa tokko malee barnoota deeggaru waan qabnuuf carraawoodha. Oromoon duudhuma isaatiin, dhala ofii ofiin olitti waan ilaaluuf, ‘Ilmoon Abbaafi Haadha hin caalle Ilmoodha? jedha. Barnoota cichee kan deeggaru ilmoon isaa beekumsa, ogummaafi naamusaan isaa ol akka gahuufi. Gama biraatiin egeree ilmaan isaa murteessaa jira jechuudha. Ummanni keenya Manneen Barnootaa Idileen Duraa kuma 11 waggaa lama keessatti ijaareera. Osoo humna mootummaatiin hojjenna jedhamee yoo xiqqaate waggoota 15 ol nurraa fudhata ture. Gumaacha dinqii ummata keenyaa kana kan yeroo mara itti boonnu ta’uu carraa kanaan himuun barbaada.

Akkuma armaan olitti kaafne, rakkoo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa walxaxaa har’a nu haguuge moo’achuuf, akkasumas carraalee nu darbaa jiran fayyadamuuf furmaanni qabnu tokko: barnoota. Asirraa ka’uun, Mootummaan Naannoo Oromiyaa gama barnootaatiin galmoota gurguuddoo lamaa milkeessuuf kaayyeffate:

### Tokkoffaa

Dhaloota dorgomaa, saayinsiifi teeknoolojiidhaan tarkaanfate uumuudha. Bara siyaas-dinagdeen idil-addunyaa teeknoolojii fageenya hambisu hidhatee olloomaa dhufetti, barnoonni filannoo osoo hin taane dirqama. Ollummaan fageenya hambise kun yaaddoofi carraa kan ofkeessaa qabuudha. Yaaddoon jiru, olummaan kun wal-dorgommii ammaan dura gidduu keenyatti qofa turre hambisuun dorgomtoota idil-adunyaa qe’eetti nutti fidu isaati. Carraan inni baatu ammoo carraaleen idil-addunyaa gama hundaan jiran dhaqqabamaa nuuf taasisuu isaati. Yeroo kanatti, gama lachuunuu injifatamuurraa kan nama baraaruu qophaa’ummaadha. Beekumsaafi ogummaa bara madaalu osoo hin horatin, saayinsiifi teeknoolojii jabanni barbaadu osoo hin hidhatin, carraalee idil-adunyaa kan fayyadamnuu mitii, isa qee’ee keenya jiruu fayyadamuu hin dandeenyu.

Dhaloota beekumsa saayinsiifi teeknoolojiidhaan masakameen ijaarame uumuu galma sirna barnoota keenyaa kan taasifne sababa kunneen irraa ka’uuni. Hawwiin Oromoo kana; ilmoon isaa akka isa caalu.

Lammaffaa Dhaloota beekumsa aadaafi duudhaa isaa ulfeessu horachuudha. Imalli gama kanaan taasisne borcamaa akka ta’e seenaa irraa hubachuu dandeenya. Yookaa of hin taane, yookaa orma hin taane, gara dhabaa taanee turre. Haa ta’uutii, guddinni saayinsiifi teeknoolojii ofiifi naannoo ofii gadi fageenyan hubachuu irraa jalqabuu qaba. Guddinni saayinsiifi teeknoolojii biyya tokkoo sadarkaa lammiileen biyya sanaa umama, aadaa, duudhaa, sirna hawaas-dinagde naannoo isaanii itti hubachuu danda’an irratti hundaa’a. Furmaanni gama saayinsiifi teeknoolojiitiin kennamu haala qabatamaafi rakkoolee guyyaa guyyaan ummatica mudatan irraa ka’uu qaba. Haaluma kanaan barnoonni keenya ija naannoo, jiruufi jireenya, duudhaafi eenyummaa keenya ittiin hubannu daran banuu galma lammaffaa taasissee deemaa jira.

Mootummaan Jijjiiramaa keenyas, waggoota shanan darban galmoota kanneen milkeessuuf, tarkaanfiilee haaraa bocee hojjechaa tureera. Bifuma kanaan, ijaarsa manneen barnootaa Ifa Boruu Sadarkaa Lammaffaafi Bultii Addaa dhibbootaan lakka’aaman akkasumas, hirmaannaa ummanni keenya gama Tajaajila Lammummaatiin taasisen, ijaarsa Manneen Barnootaa Idileen Duraa Bu’uura Boruu kumaatamaan lakka’aman milkeessera. Seenaa biyya keenyaa keessatti, Olmaa Daa’immanii baadiyyaa keessatti jalqabuufi babal’dhisuudhaan Mootummaan Naannoo Oromiyaa isa duraati.

Bara kanas barnoota irratti hojii bal’dhaa hojjechuuf karoorsinee hojiitti erga gallee turreerra. Ji’a kanas Fulbaana 06 hanga 12’tti Torbee Barnootaa labsuun hojiilee sochii gannaatiin raawachuuf qabanne sakatta’aafi qophii bara barnootaa 2016’f taasifamu finiinsaa turre.

Sochii Ganna darbeetiin karoora ijaarsa Manneen Jireenyaa Barsiisotaa 4,000, Manneen Barnootaa Bu’uura Boruu 4,574, suphaa manneen barnootaa mijatoo

Gara fuula 19tti

**Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!**



## Torbeen Tuuriizimii. . .

Hawaasummaa Oromiyaa Obbo Abdulhakiim Muluu dubbii dubbataniin Mootummaan Naannoo Oromiyaa utubaalee dinagdee gurguddoo adda bahan keessaa damee tuurizimiirratti xiyyeeffannoo kennuun galii damee kanarra argamu guddisuuf xiyyeeffannoo kennee hojjechaa kan jiru ta'uu himaniiru.

Dinagdee damdaneessaa uumuudhaaf qabeenyaafi humna namaa qindeessuun hojiilee jajjabeessaan hojjetamaniiru jedhan. Waggoota sadan dabranitti hojii hojetameenis bu’aalee gaggaariin argamuusa ibsaniiru.

Bakkeewwaan gahumsa turizimii kanaan dura turan debisanii misoomsuun hojiitti galchuuf hojii Miniisteeri Mummee Dr. Abiyyi Ahimad akka biyyaatti eegalanis xiyyeeffannoo guddaa damee turizimiif mootummaan kenneef agarsiistudhas jedhan.

Torbeen Turizimii 3ffaa Oromiyaa yeroo Paarkiin Biyyaalessaa Gaarreen Baalee hambaa addunyaa ta'ee 'UNESCO'tti galmaa'ee kabajamuufi jala bultii

### Midhaan misoomsan kunuunsaa. . .

taasifamaa jiru keessatti deggersi dhaabbilee misoomaa akka 'Care Agro" kan fakkeenyummaan ibsamu ta'uus eeraniiru. Keessattuu dhaabbatichi keemikaalota waagii, farra aramaafi dhibee mataa midhaanii gogsu akka biyyaatti dhiheessuu keessatti shoora olaaanaa kan qabu ta'uus dubbataniiru.

### Ejensichi tajaajila geejjibaa . . .

caasaaleen Ejensii Geejjiba sadarkaan jiran ciminaan hojjechuun, taarifa mootummaan baaseen iddoo maratti akka kaffalchiisan taasisuu, darbaa fe’uufi balaan tiraafikaa akka hin uumamneef to’annoo cimaa geggeessuu, konkolaataafi konkolaachistoota ga’umsa qaban qofaan tajaajila ummataa karaa aadaa, duudhaafi safuu Oromoo eegeen

### Jiraattonni magaalaa Shaggar . . .

Buraayyuufi kutaa magaalaa Sulultaatti piroojektoonni misoomaa kanneen akka manneen Barnootaa Bu’uura Boruufi Ifa Boruu, Gamoon Bulchiinsa Magaalaa, manneen harka qalleeyyiifi qaama miidhamtootaa, giddugaloonni gabaafi Sheediiwwan IMX, Mana Tolchaa Daabboo, sarara ibsaa daandii aspaaltiifi kanneen biroon hojjetamaa turan xumuramuun marsaa lammaffaatiin tibbana eebbifamanii tajaajilaaf banamaniiru.

Itti Aanaa Kantiibaafi Qindeessaan Kilaastara Dinagdee Bulchiinsa Magaalaa Shaggar Obbo Guyyoo Galgaloo sirna eebbichaarratti haasaa taasisaniin magaalaa Shaggar bara bajata bara 2015 keessatti kallattii garaagaraan waci baayyeen utuu jiruu

Ayyaanota Masqalaafi Irreechaatti ta'uun adda kan taasiisu ta'uu Komishinara Komishiinii Tuuriizimii Oromiyaa Aadde Lalisee Dhugaa himaniiru.

Komiishinichi qabeenyawwan tuurizimii Oromiyaa beeksisuuf, Daandii Qilleensa Itoophiyaa dabalatee qaamolee biyya keessaafi alaa garaa garaa waliin hojjechaa jiraachuus himaniiru.

Tooftaa gabaafi beeksisaa diijitaalaa qopheesuun, sirna gabaa diijiitaalaa ammayyaafi marsariitii miidiyaalee haarawaa garaa araa fayyadamuun dhabbiilee mootummaa naannoofi biyyatti adda addaafi biyyoota addunyaarraatti dhiibbaa gaarii uumuun bu’aa argamsiisuu Komishinarri Ittaanaa Komishiinii Tuurizimii Obbo Naggaa Wadaajoo himaniiru, kana cimsanii adeemuuf hojjetamaa jira jedhan.

Imala waggoota sadan darbeettiin yaa’iinsi tuuristoota Naannoo Oromiyaa miiliyoona 9.5 gahuufi kana keessaa tuuristootni biyya alaa kuma 235 ta'an naannichaa dawwachuufi kanarras qarshii biliyoona 15 argamuus himaniiru.

Bakka bu'aan dhaabbata 'Care Agro' Obbo Dirribaa Leellisaa gamasaaniitiin dhaabbatichi carraaqii mootummaan oomishaafi oomishtummaa qonnaan bultootaa dabaluuf taasisaa jiru tumsaa jiraachuu himan. Dhiheessiin keemikaalota farra aramaafi waagii qonnaan bultoota aanaa Sinaanaatiif taasifames kanuma bu'uura kan godhate

kennuun Abbootii Gadaa,Haadhoolii Siinqee, Maanguddoota, qaama miidhamtootaafi warren gaa’ela ijaarrataniif dursa kennuun, Ayyaanni Irreechaa Faajjii Jaalalaafi Tokkummaa, iddoo galateeffannaafi miidhaginaa, dirree aadaa, duudhaafi safuun Oromoo itti calaqqisu akka ta’u, tajaajila geejjibaa gama maraan kennaa jirruun mirkaneessuuf xiyyeeffannaan

piroojektoota misoomaa garaagaraa fayyadamummaa hawaasa magaalichaa mirkaneessan hojjetee xumursiisuun tajaajila hawaasaaf banaa taasiseera jedhan. Hojii kana keessattis hirmaannaan hawaasaafi abbootii qabeenyaa magaalichaa olaanaa akka ture dubbataniiru. Hawaasa magaalichaa hirmaachisuun hojiin ijaarsa seeraan alaafi alseerummaa seera qabsiisuufi nageenya magaalichaa amansiisaa taasisuuf hojjetames guddaa akka tures Obbo Guyyoon himaniiru.

Bara kanas, kutaalee magaalichaa hunda keessatti hojiilee misoomaa garaagaraa bajata Qarshii biiliyoona 16tti siquun hojjechuuf karoorfamuu ibsanii, keessumaa, ummanni magaalaa kanaa barnootaan miidhamaa

Dameen kun waggoota sadan hundeeffamasaatti waldaa IMX 82 gurmeessuun carraa hojii kallattii namoota kuma 30fi al-kallattii namoota 200,000 oliif uumee jirachuu Obbo Naggaan ibsaniiru.

Dhaabbiilee mootummaafi Miti motummaa biyyaa keessaafi alaa 60 ta’an waliin michooma hojii uumneeras jedhan.

Sagantaa kanaan Loogoofi Biraandii Tuurizimii Oromiyaa haaraa dabalatee, weebsayiitii qindaa'aa Godinalee Oromiyaa beeksisa Tuurizimiif afeeruufi weebsaayiitiin Afaan Arabaa qaqabamummaa beeksiisa damee turizimii guddisa jedhames, misoome sagantaa baniinsa torban turizimii Oromiyaa kanaan ifoomeera.

Torbee Tuurizimii Oromiyaa 3ffaa kanarraatti dhaabbilee dhuunfaafi mootummaa biyya keessaafi biyyoonni Afrikaa kanneen akka Yugaandaa, Keeniyaafi Chaayinaa oomishaafi tajaajila isaanii qabataanii agarsiisa irratti argamaniiru.

ta'uus kaasan.

Godina Baaleetti oomisha bara 2015/16tiin lafa midhaan akaakuu garagaraatiin misoomaa jiru hektaara kuma 560 olirraa callaan kuntaalli miliyoonni 14 ol kan abdatamu ta'uus ragaan waajjira qonnaa godinichaarraa argame ni mul'isa.

kennamee hojjetamaa jiraachuu barreeffamichi ibseera.

Ayyaanni Irreechaa bara 2016 kan gammachuu, jaalaalaa, obbolummaa, tokkummaa, badhaadhinaafi balaa tiraafikaa irraa itti baraaramtan isniif haata’u jechuun Ejensichi hawwuu qabsuusaa barreeffamni kun eereera.

waan tureef manneen barnootaafi bu’uuraalee barnootaa baballisuurratti xiyyeeffannaan addaa kennamee kan hojjetamu ta’uu ibsaniiru.

Nageenyi waan hundaaf bu’uura waan ta’eef hawaasni magaalichaa qaamolee nageenyaa cinaa hiriiruun nageenyasaa eeggachuu qaba; tarkaanfii alseerummaa magaalicha keessatti dagaagee ture seera qabsiisuuf hojii itti fufiinsaan hojjetamurratti tumsa irraa eegamu cimsuu akka qabus Obbo Guyyoon yaadachiisaniiru.

Hawaasni magaalichaa dubbifne tokko tokkos misooma isaaniif hojjetamaa jirutti gammaduu himanii, hirmaannaa gama hundaan taasisan cimsanii kan itti fufan ta’uu yaada kennaniin himaniiru.

### Magaalaa Sharaarootti daandiin koobilii qar. mil. 6.7 oliin hojjetamaa jira

W.K.Aanichaatiin

Godina Shawaa Kaabaa Aanaa Dabra Liibaanos Magaalaa Sharaarootti daandiin koobilii keessa keessa qarshii miliyoona 6.7 oliin hojjetamaa akka jiran ibsame.

Hojii geggeessaan magaalattii Obbo Habtaamuu Gaambaa akka ibsanitti magaalattiitti daandiin keessa keessaa meetirri 356 qarshii miliyoona 6 fi kuma 700fi kuma 46fi 736n hojjetamaa jira.

Magaalattiitti fayyadamummaa hawaasaa mirkaneessuuf bu'uuraalee misoomaa guutuuf bajata mootummaafi hirmaannaa hawaasaatiin xiyyeeffannoon kan hojjetamu ta’uus himaniiru.

#### Inisheetiivii misooma

### dammaa milkeessuuf gaagurri ammayyaa raabsamaa jira

*W.K.Godinichaatiin*

Godina Baaleetti inisheetiivii misooma dammaa milkeessuuf gaagurri ammayyaa kuma 55 ol raabsamaa jiraachuu waajjirri qonnaa godinichaa beeksise.

Qonnaan bultoonni aanaa Agaarfaa dubbifne yaada kennaniin oomisha dammaarraa galii dabalataa argachaa jiraachuufi keessattuu gaagurri ammayyaa gatii madaalawaan argatan oomisha dammaa baay'inaafi qulqullinaan oomishuun galii dabalataa caalmaan argachuuf abdii kan isaanitti hore ta'uu ibsaniiru.

Itti gaafatamaan waajjira qonnaa aanaa Agaarfaa Obbo Aadam Guyyee gaagura ammayyaa 500 qonnaan bultoota 300f raabsaa jiraachuu himan.

Aanichatti inisheetiivi misooma dammaa milkeessuuf bara kana hanga ammaatti gaagurri 1000 ol qonnaan bultootaaf kan raabsame ta'uufi damma toonii 670 oomishuuf xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuu eeran.

Itti aanaan bulchaa aanaa Agaarfaa Obbo Getaachoo Abbabaa damma baay’inaafi qulqullinaan oomishuun faayidaa dinagdee irraa argamutti fayyadamaa ta’uuf gaagurri ammayyaa qonnaan bultootaaf dhiyaachaa jiraachuu himaniiru.

Itt aanaan waajjira qonnaa godina Baalee Obbo Abdullaxiif Amaan gamasaaniitiin godinichatti haala mijataa misooma dammaatiif jiru fayyadamuun oomisha dammaa dabaluuf hojjetamaa jiraachuu dubbataniiru.

Inisheetiivii misooma dammaa hojiirra oolchuun gaagura ammayyaa kuma 55 ol qonnaan bulaaf raabsaa jiraachuus kaasaniiru.

Godina Baaleetti inisheetiivii misooma dammaa hojiirra oolchuun damma toonii kuma 3 ol omishuuf karoorfamee hojjetamaa jiraachuu ragaan waajjira qonna godinichaarraa argame ni mul'isa.

**Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!**





Bohaartii

Ibsaa Xurunaa



Reezaa  
Paraastesh  
Meesii  
sobaa  
‘fake  
Messi’

Reezaa Parasteesh dargaggeessa umrii waggaa 30 lammii Iraan yoo ta'u, taphataa lammii Arjentiinaa Liyoneel Meesii fakkaachuusaatiin qalbii namoota hedduu hawwachuu eegale.

Reezaan taphataa Meesii fakkaachuusaa kanatti fayyadamee miidiyaa hawassaarratti hordoftoota hedduus horachuu danda'e.

Insitaagiraamiirratti Reezaa Parasteesh hordoftoota miliyeena tokkoo ol qaba.

Beekamtiin Reezaa Parasteesh kan dabale abbaansaa uffannaa kilaba Barseloonaa kan Liyoonel Meesiin waggoota dheeraaf keessa taphataa ture akka kennaatti kenneefii boodadha.

Addumatti yeroo uffannaa taphattoota kilaba Barseloonaa uffatu, Reezaa Parasteeshiifi Liyoonel Meesii adda baasuun rakkisaadha.

Suuraansaa miidiyaa hawaasummaarratti erga gadi lakkifamee booda 'Meesiin biraa argameera' kan jedhu baay'ee odeeffame.

Kanarraa ka'uun Reezaan akkuma Meesitti rifeensa sirreeffachuu, uffachuufi waan baay'ee irraa ilaalee gochuu eegale. Bakka deemu hundattis namoonni Meesii dinqisiifataniifi kubbaa miilaa jaalatan isa waliin suura ka'uufi akka mallatteessuuf gaafachuu eegalan. Daandiirrattis namoonni sagaleesaanii guddisuun Meesii jedhanii waamuun nagaa gaafachuunis yeroodhaa gara yerootti guddachaa dhufuunsaa namtichi kuni carraa kanatti fayyadamuun



waa argachuu akka qabus yaaduu akka eegale himama. Beekamtiin inni argachaa dhufee saffisaan dabaluurraan kan ka'e akka fedhetti bakka fedhe yeroo yaadetti gahuuf danqamuu eegale. Yeroo tokko namoonni Meesii isa dhugaa se'anii itti tuuchofnaan namootatti jecha hin taane dubbachuusaatiin poolisiin isa to'atee ture.

Boodarra himanni tokkollee waan irratti hin dhihaanneef mana hidhaatii bilisaan bahe.

Ergasii beekamtii argataa beeksisa garaa garaa hojjachuufis carraa argataa dhufe.

Kana qofas osoo hin taane ani Meesiidha jechuun dubartoota baay'ee gowwoomseera.

Addunyaarratti namni kan isa fakkaatu torba qaba amantiin jedhu durii kaasee jira.

'Meesii sobaa' ykn 'fake Messi' jedhamuun kan beekamu lammiin Iraan dargaggeessi umrii waggaa 30 Parasteesh biftisaa, dheerinni hojjaasaafi uffannaansaa taphaticha waliin baayyee wal fakkaachuurraa kan ka'e salphaatti adda baasuun nama rakkisa. Meesii fakkaachuusaarran kan ka'e 'ani Meesidha' jechuun dubartoota heddu gowwoomsuun waliinis ciiseera.

Dhiyeenya kana 'Meesiin inni sirriin anuma' jechuun dubartoota 23 wajjin 'saal-quunammtii raawwachuu' erga dhagahamee, miidiyaa hawaasarratti mata duree ta'ee ture. Sababnisaa Liyooneel Meesiin naamusaafi amala gaarii qabuun taphataa fakkeenyummaan beekamu ta'uusaati.

Lammiin Iraan 'Meesii sobaa' jedhamu kun beekamtiisaatti fayyadamuun dubartoota 23 wajjiin saal-qunnamtii raawwachuunsaa bara 2019'tti ture kan dhagahame.

Gabaasaaleen akka ibsanitti Reezaa Paraasteesh 'ani Meesiidhuma isa dhugaati' jedhee dubartoota gowwoomsuun amansiisee saal-qunnamtii wajjin raawwataa ture. Kana hordofuunis dhimmichi soba ta'uunsaa erga dhagaa'amee booda himanni iratti banameera.

Meesii fakkaachuusaa fayyadamee namoota gowwomsee fedhiisaa raawwataa ture jedhame.

Himanni Reezaa Paraasteesh irratti dhiyaatu kun erga Meesiin dhiyeenya kilaba Ameerikaa Intar Miyaamii seenee irra deebiin jabaatee ka'ee jira.

Haa ta'u garuu, Reezaan himannaa irratti dhiyaatu kana hunda hin fudhatu.

Inistaagiraamiisaarratti himanni kun hunduu maqa balleessiifi beekamtiisaa xureessuuf kan godhameefi gochaasaa akka hin taane barreessuun gochicha raawwachuusaa waakkateera.

Inumaayyuu warra maqaa koo balleessanirratti tarkaanfii seeraan fudha jechuun dhaadateera.

Osoo yakka akkasii dubartootarratti raawwatee Iraan keessatti silaa yoon hidhaan akka itti murtaa'e kaasun, oduun akkasii jireenya namaa hangam akka miidhu ibse.

Milkaa’inni gama misooma dinagdeetiin galmaa’e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!



INVITATION FOR BID

Bid No.-05/2016

Ginchi Municipality office now invites eligible bidders for the construction of Ginchi Municipality (G+4)building office.

1. Oromia Regional state, West Shoa Zone Ginchi Municipality office **Allocate** a budget from Their owned revenue towards the cost of construction of G+4forGinchi Municipality office in Ginchi town with in three consecutive budget years (2016-2018 E.C.)
2. Ginchi Municipality office now invites all contractors of category general or building contractors of BC-5/GC-5& above with renewed their license valid for the year 2016 E.C for furnishing the necessary labor, material, equipment & service for the construction of Ginchi Municipality **office**.
3. Bidding documents may be purchased at the office of Ginchi Municipality office up on submission of written application and a nonrefundable fee of birr 1000 (One thousandbirr) starting from**first date notice viewed on newspaper during office hours through Monday to Friday. Bidder should deposit1000(One thousand birr) to sinke bank Account Ginchi branch 1029180000164**of Ginchi Municipality **office and bring the receipt of bank to** Ginchi Municipality officeA bidder has to be registered to collect “VAT” and TIN registration certificate, valid trade license and valid registration certificate with ministry of construction or Oromiaconstruction Authority, must be submitted attached with the application.
4. Bidders may obtain further information, inspect and acquire the bidding documents, from the above mentioned Ginchi Municipality office.
5. All bids must be accompanied by a bid security in Cash **400,000 (four hundred thousand birr)** valid for 120 days after the date of bid opining,The**400,000** birr for the bid security must be **deposited to sinke bank** Account of **1029180000164** to Ginchi Municipality finance office The receipt of bank must be put in theoriginal technical document. **Failure to do this will result in automatic rejection.**
6. Bidding will be conducted in accordance with the open national tendering procedures contained in the public procurement proclamation of the federal democratic republic of Ethiopia and is open to all eligible bidders i.e. (two stages: the first stage is preliminary and technical evaluation& the second stages is :- financial evaluation).
7. A complete set of bidding document in English may be purchased by interested bidders up on submission of Written Application, VAT registration Certificate, Ministry of Construction or Oromia Construction Authority Renewed Registration Certificate, Renewed Trade registration Certificate, Renewed Trade License, Taxpayer registration Certificate and tax Clearance from Oromia Revenue Bureau Or MOC and registration in the FPPA's to the address stated below and up on payment of a non-refundable fee of Ethiopian birr 1000(**Onethousand birr**) to the above mentioned bank Account and bring the receipt to Ginchi Municipality office up to 21<sup>st</sup> working days and working hours starting from the first announcement date on the newspaper during office hours though Monday to Friday.
8. Submission and opining of the bid (in respective Dendi woreda finance office).
  - a. The dead line of bid (both technical qualification and financial offers independently) submission shall be on or before at 8:00 local time of 22<sup>th</sup> Working days from first announcement date on the newspaper. If the twenty –second day is not a working day, it carries over to the next working day(19/02/2016 E.C).
  - b. The original and copy of the technical qualification documents shall be placed separately in asealed envelope marked as “Original and copy of technical qualification documents” and both envelopes shall be placed in a large outer envelope and sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other information indicated in the data sheet and be clearly marked as “TO BE OPENED ONLY IN THE PRESENCE OF TENDER COMMITTEE”
  - c. The original and copy of the financial offer documents shall be placed separately in asealed envelope marked as “**Original and Copy Financial Offer Documents**” and both envelopes shall be placed in a large outer envelope sealed. This outer envelope shall bear the submission address and other Information indicated on in the data sheet and be clearly marked as “Tobe openedonly in the presence of tender Committee”.
  - d. The sealing, signing and marking of the bids must be according to guidelines stated under instruction of bidders.
  - e. In preparing the bid document bidders are expected to examine the bid data in the tender document.
  - f. The qualification document will be openedat the same day at 8:30 local time of 22<sup>nd</sup>day from first announcement date of Workingday. If the twenty –two day is not a working day, it carries over to the next working day. If the twenty –two day is not a working day, it carries over to the next working day.
  - g. The financial offer document shall remain sealed and deposited in a box prepared for this purpose in the presence of auditor or any other authorized body by the client, until financial offers(S) of qualified bidders are opened publicly.
  - h. The committee assigned by the client will evaluate the qualification of the bidders based on the basis of their responsiveness to the bid document, by applying the must meet evaluation criterion, assigned to the in the data sheet, A bidder will be rejected at this stage if it does not respond to tender document or fails to achieve the minimum technical fit indicted in the tender document.
  - i. Only financial offers of those bidders who fit therequirementTechnical qualifying or Fitted and above will be opened on the financial opening date. The financial opened of the bidders who have not fullrequirement (i. eMust meet requirementwill be returned un opened). The client shall address the financial opening date and time to the bidders.
  - j. Any attempts of submission forged (false) document and / or indication of financial offer on the technical qualification document shall result in rejection of the bid.
  - k. The client shall not bear and responsibility for misplacement of “Technical Qualification document” in “The Financial Offer Document” envelops or vice versa, which result in rejection of the bidder.
10. . The validity of the bid shall be 90calendardays from the date of bid opening.
11. The construction of the work shall be completed with a maximum of750 (seven hundred fifty) calendar days from the commencement date of the work &if there is favorable condition (having full budget) the client can minimize the date of completion work.
12. Any Contractor who has termination history due to his fault with the bureau, Zonal offices and other regional sectors and with bad performance (proved) in their past contractual period, the Client has full right to reject those contractors during technical evaluation.
13. Contractors who have work at hand the physical progress of the work should be complete above 75% and evidence should **attached fromClient of the projects.**
14. Contractor who win the tender, It must be conduct soil test and structural analysis before starting the work at his own expense, if there is a change on structural and architectural design, the correction is implemented.
15. The Ginchi Municipality office has the right to accept or reject any or all bids.

The Ginchi Municipality **office, Ginchi**

For further information:-

Tel:-0112581849/0911586139/ 0911893918

Obbo Taaxarwarqi Difaabachoo Nagahee Lakk.1122393 maqaa isaaniitiin galmaa’ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Aadde Sablee G/Madin Nagahee Lakk.isaa 1118158 maqaa isaaniitiin galmaa’ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Obbo Abirahaam Galataa Nagahee Lakk.isaa 032753 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, ragaa abbaa qabiyyummaa Nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Aadde Qiddisti Gugsaa Nagahee Lakk.isaa 607530 maqaa isaaniitiin galmaa’ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru. Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo

Obbo Adaanaa Guddataa Nagahee mana jireenyaa Lakk.isaa 591232 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti WLK/Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksifan, kun kan hin tanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjanne ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Tamaanee Sabsibee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Barreechaa keessaatti Waraqaa ragaa qabiyyee iddoo Lakk.isaa Kaartaa 3022/77 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee naaf Kenname waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru.Kanaafuu, qaamni raga kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Ganda Biiqqaa.

Aadde Muniiraa H/Qasiim mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Hangaatuu keessaa Kaartaa Lakk. isaa 1441/2001 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni raga kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. Yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.



Caalbaasii Ifaa Bittaa Meeshaalee

Godina Shawaa Kaabaatti Mana Murtii Aanaa Muloo keessatti argamaniif Meeshaalee Barreeffamaa, Uffata Danbii, Meeshaalee Qulqullinaa, Meeshaalee Elektiroonicksii fi Meeshaalee Dhumeeyyii fi Dhaabbii Biiroo keessaa bara baajataa 2016tiif Caalbaasii ifaatiin wal-dorgomsiiifnee bituu waan barbaanneef caalbaasii kanarratti dorgomtoonni hirmaachuu barbaadaan dorgomuu ni dandeessu.

Ulaagaalee dorgommichaaf barbaachisu

1. Dorgomtoonni kallattii hojii isaaniitiin heeyyama daldalaa isaatiin seera qabeessa ta’e ,gibira Hojii bara kan ittiin kaffalan facaatii /list/kenna Tajaajila keessaa raga sanadoota ittiin galmaa’anii fi tarreeffama dhiyeessitootaa keessatti ragaa dhiyeeffachuu kan danda’u ta’uu isaanii footoo koppii isaa sanada caalbaasii waliin qabsiisanii dhiyeessuu qabu.
2. Dorgomtoonni dhiyaatan galmaa’aa taaksii dabalataa / vat/galmaa’uu isaaniitiif raga dhiyeeffachuu kan danda’an ta’uu qaba.
3. Dorgomtoonni sanada Caalbaasii guyyaa beeksifni kun Gaazexaa kallacha oromiyaarratti maxxanfamee bahee eegalee yeroo hundaa sa’atii hojii 2:30—6:30/waaree dura/7:30---11:00(waaree booda) maallaqa hin deebine qarshii 200 kaffaluun Mana Murtii Aanaa mulootti dhiyaachuun guyyaa hojii mootummaa 15 hanga sa’aatii 11:00 tti sanadicha bitachuu ni danda’u.
4. Dorgomtoonni kamiyyuu kabachiisa caalbaasiif kan oolu Mana Murtii aanaa Muloo cheekii (cpo) baankiin mirkanaa’e sanada orijinaala caalbaasichaa waliin qabsiisee dhiyeessuu qaba.
5. dorgomtoonni sanada caalbaasii meeshaalee barreeffamaa,uffata danbii, meeshaalee qulqullinaa ,meeshaalee Elektiroonicksii fi meeshaalee dhumeeyyi fi dhaabbii biiroo keessaa poostaa saamsameen orijinaalaafi koppii addaan baasuun guyyaa hojii 15 hanga saa’atii 11;00tti Mana MurtiiAanaa mulootti saanduqa caalbaasii kanaaf qophaa’e keessa galchuu qabu.
6. caalbaasii meeshaalee barreeffamaa,uffata danbii, meeshaalee qulqullinaa ,meeshaalee Elektiroonicksii fi meeshaalee dhumeeyyii fi dhaabbii biiroo keessaa caalbaasichi guyyaa ba’e irraa guyyaa hojii kudha shan (15) qilleensarra oolee gaafa guyyaa 16ffaa sa’aatii 4;00irratti dorgomtoonni yookiin bakka bu’oonni seera isaanii akkasumas taajjabdoonni jiranitti Mana Murtii A/ Muloo lakk. 1(tokko) keessatti ni banama .dorgomaan ykn bakka bu’aan jiraachuu baatus caalbaasichi ni banama. Akkasumas qidaamee sanbata ykn guyyaa ayyaana irra yoo oole guyyaa hojii mootummaa itti aanuutti sa’aatii 4;00 irratti banama.
7. moo’ataan caalbaasiitiif qarshiin kan kaaffalamuuf meeshaalee mana kuusaa Mana Murtii Aanaa muloo moodela 19 erga galchee fi nagahee seera qabeessa erga dhiyeesseen booda kan kaffalamuuf ta’a. moo’ataan meeshaalee ittiin moo’ate hunda hanga Mana Murtii Aanaa mulootti dhiyeessuu qaba.
8. dhaabbanni caalbasicha meeshalee moo’ate Mana Murtii A/Muloo wajjin walii galtee uumee buraayyuu iraa km34 irratti kan argamuu Mana Murtii A/Muloo magaalaa Hojja Dureetti baasii hunda danda’ee dhiyeessuu kan danda’u.
9. caalbaasicha gufachiisuuf dorgomaan yaalu gara fuulduraatti caalbaasii irratti akka hin hirmaanneefi caalbaasiin/dorgommiin/ala ta’ee ,kabachiisa caalbaasii CPO akka dhaalamu ta’a.
10. sanada dorgommiif dhiyeessan irratti maqaa dhaabbataa,teessoo dorgomaa ,chaappaa fi mallattoon jiraachuu qaba.
11. Dorgomaan caalbaasichaa with holding 2%kan kaffalamuurraa akka seera faayinaansiitti kaffaluuf eeyyamama kan ta’e
12. erga caalbaasiin banameen booda dorgomaan kamiyyuu yaada isaa jijjiiruu yookiin fooyyeessuu kan hin dandeenye ta’uufi caalbaasicha irraa adda of taasisuu hin danda’u
13. Gatiin dhiyaatu vaatii dabalatee kan dhiyeessu ta’uu qaba.
14. dorgomaan caalbaasii erga moo’ateen booda caalbaasii keessaa of haquu kan hin dandeenye ta’uu
15. Afaan caalbasii Afaan Oroomiffaatiin .
16. Waajjirri filannoo fooyya’aa yoo argate caalbaasicha guutummaa guututti yookiin gartokkee isaa haquudhaaf mirgi isaa seeraan kan eegamedha.

**Odeeffannoo dabalataaf 0111460201/0111460130 Mana Murtii Aanaa Muloo**

Obbo Danyee Simuu Nagahee Lakk.isaa 1117543 ta’e maqaa Asaffaa Maburatuutiin galmaa’ee waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Aadde Naadiyaa Najaash Nagahee Lakk.isaa 1917419 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna.Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Asaggadaach Shaashoo Nagahee Mirriitii Lakk.isaa 863612 ta’e maqaa isaaniitiin galma’ee jiru waan jala badeef qaamni raga kana argine ykn kiyya jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti WLM/Shaggaar Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti dhiyachuun akka beeksiftan,kun kan hin tanee yoo ta’ee ragaan bira hojjennee kan kennamuuf ta’uu ibsaa,beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irraa darbee booda ragaan argame kun kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Bafiqaaduu Wandimmuu Nagahee Lakk.isaa 1945410 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Aadde Masarat Dammallaash Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kennameef Nagahee Duraa Lakk.isaa 250457 ta’e maqaa isaaniitiin kennameef Orijinaalli na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

Aadde Sintaayyoo Baqqalaa waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa ykn kaartaa Lakk. isaa 451/982/99 ta’e Magaalaa Sandaafaa Bakkee irraa galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne kaartaa haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Bulchiinsa Magaalaa Sandaafaa Bakkee.

**Obbo Hamzaa Amaan Tilmootiif Bakka Jirtanitti**

Himattoonni Aadde Yuboo Yaayyituu fa’aa N-2 fi Himatamaa isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee Himatamaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 06/02/2016 sa’aatii 4:30irratti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/A/K/Mgaalaa Luugoo.

Aadde Sintaayyoo Boggaalaa Dagafuu Pilaanii manaa Lakk. isaa Sh/G/424/982/99 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Sandaafaa Bakkee irraa galmaa’ee naaf kenname waan na jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti haa dhiyeessu. yoo hin dhiyaanne pilaanii haaraa hojjannee bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Konstiraakshinii Bulchiinsa Magaalaa Sandaafaa Bakkee.

Obbo Daanyaachoo Dalasaa Kaartaa Lakk. isaa BMK/333/2007 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Aadde Kadijjaa Saadiiq Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kennameef Nagahee Duraa Lakk. 251201 ta’e maqaa Obbo Darajjee Asaffaatiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Kaadastaraa Kutaa Magaalaa Galaan

Aadde Tigist Laggassee Nagahee Lakk.430372 ta’e maqaa Shaashituu Ajjamaatiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate (dhimmi kun naa ilaalataa kan jedhu) beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafa Kutaa Magaalaa Buraayyuu

Iyyataan Aadde Yimaanyushal Hayilee Kaartaa fi pilaanii mana jireenyaa Lakk.kaartaa isaa T/B/1136/89 ta’e waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda aaddaatiin qabdheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Magaalaa Tulluu Bollootti akka dhiyeessuu ibsaa, kan mormu hin dhiyaanee taanan raga kan biroo bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Tulluu Boollooo

Aadde Ayyalach Bayyanaa Magaalaa Adaamaa ganda Gadaa keessaa kaartaa mana Jaarmiyaa Lakk.kaartaa isaa ---- ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20tti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate iyyataa kanaaf kaartaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

**Sirreessa**

Gaazexaa Kallacha Oromiyaa Bara Lakk.46 Fulbaana 10 bara 2016 maxxanfamerratti beeksisa Turii Immiyyuu baasifatan keessatti Turii Immiruu jedhamee kan bahee dogoggoraan waan ta’eef Turii Immiyyuu jedhamee sirreeffamee haa dubbifamu

Aadde Zinnaash Adaanaa waraqaa abbaa qabeenyummaa iddoo mana jireenyaa Lakk.kaartaa isaa 136A/1792/2001 ta’e Magaalaa Baatuu ganda M/Shaalloo keessaa qaban waan jalaa badeef kan biraan bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaan qabate yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyeessu. Kan mormu yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biroo bakka buufnee kan kenninuuf ta`uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Baatuu.

Obbo Yahyaa Siraaj Kaartaa Lakk.isaa S/23696/2001 kan ta’e, Lakk. Nagahee 374189 ta’eefi Lakk. Galmee Y-354 kan ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu Nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaattiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kamiinuu yoo beeksifachu baate, galmee isaanii gurmeessinee tajaajila kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Nagaash Ahimed Magaalaa Adaamaa ganda Dagaagaa keessaa kaartaa mana Industirii Lakk. kaartaa isaa 736145/98 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, qaamni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate iyyataa kanaaf kaartaan kan biraa hojjetamee bakka buufnee kan kennanuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Abbaay Wayyeecha mana maqaa isaaniitiin galmaa’ee Magaalaa Bishooftuu ganda 02 keessatti argamu Lakk.kaartaa isaa 65/29 ta’e bal’inni isaa 200M² irratti argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. Kanaafuu namni kaartaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabdheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 21 keessatti WLM/Bishooftuutti qaamaan dhiyaate akka ibsu beeksisaa,kun ta’uu baannan kaartaa haaraa maqaa isaaniitiin hojjatamee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Bishooftuu

## Wallagga

Obbo Malaakuu Qinaaxxii mana dhuunfaa isaanii Magaalaa Innaangoo ganda 01 keessatti Lakk.isaa 0988 ta’e Aadde Kamisee Jaallataa waliin kan qaban dabarsanii Obbo Addisuu Mirataatti gurguruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.

**Obbo Darajjee Dagafuutiif**

**Obbo Fayyisaa Taaddasaatiif**

**Bakka Jiranitti**

R/Himataan Buusaa Gonofaa W/A/Liqii fi Qusannoo Damee Naqamtee fi R/himatamaa isin jidduu falmii rawwii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti waamamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/01/2016 sa’aatii 4:00 irratti akka dhiyaattanii raawwattan ta’ee, hin raawwanne yoo ta’e maaliif akka hin raawwanne qaamaan dhiyaattanii yaada keessan akka ibsitan manni murtii ajajeera.M/M/Ol’aanaa G/W/Bahaa.

Aadde Dirribee Hooriyaa abbaan manaakoo obbo Ammayyuu Bultum waan du’aniif mana jireenyaa Magaalaa Biilaa ganda 01 keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Lakk. isaa 0074 kan ta’e dhaaltuu abbaa manaakoo waanan ta’eef jijjiirraan maqaa garakootti naaf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu jijjiirraa maqaa kana kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 15 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Biilaa.

Obbo Lalisaa Siyyum Abdataa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 04 keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 04/0478/010 ta’e ballinni isaa 340M² irratti argamu Obbo Laggasaa Xilaahuun Waajjiraatti dabarsanii waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Gammachiis Saamu’eel mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 01keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 2085/LMHS/2015 ta’e bali`inni isaa kaaree meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Mahaammad Tolaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Abdallaa Abdulqaadir Abshiruu fi Aadde Zahaaraa Sulxaan mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 03 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa KMG/EMMLM 03/1485/2009 ta’e bali`inni isaa 359M² irratti argamu dabarsanii Obbo Ibraahim Abduu Dibaabaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Gaashahuun Mulugeetaa Naga’oo fi Aadde Mirtee Faqqadee Tolasaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa Gimbii/4065/02/2004 ta’e bali`inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Hayiluu Baqqaleetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Aadde Siilituu Boongasee Nagaroo fi Obbo Dassaalenyi Dinqaa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 01/8785/14 ta’e bali`inni isaa 320.53M² irratti argamu dabarsanii Obbo Daani’eel Qalbeessaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Dhibbisaa Hordofaa fi Aadde Ababaayee Oljirraa mana jireenyaa Magaalaa Gimbii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa KL/EMMLM/01/380/2008 ta’e bali`inni isaa 160M² irratti argamu dabarsanii Obbo Tashoomee Alamaayyootti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gimbii.

Obbo Andashaa Nagii mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Yabaloo keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa 7040/WMMLM/2008 ta’e balli’ina lafaa 200M² ta’e irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Mitikkuu Oljiraatti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Dhaaltota Obbo Kamaal Maammadiifi Aadde Ayyaanee Rufii kan ta’an Suufaddiin Kamaal, Aashaa Kamaaliifi Samiiraa Kamaal mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa --- ta’e maqaa Obbo Kamaal Maammaditiin gibirri kaffalamaa jiru dhaaltummaadhaan waan arganneef jijjiirraan maqaa gara keenyatti nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Geetuu Kabbadeefi Aadde Dirribee Mul’ataa kan ta’an Obbo Malkaamuu Fufaa mana daldaalaa Magaalaa Dambi Dolloo Kutaa Magaalaa Laaftoo keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa 9032/WMMLM/2010 ta’e balli’ina lafaa 34.13M² ta’e irratti maqaa Obbo Geetuu Kabbadeetiin galmaa’ee jiru irraa qoodanii bal’ina lafaa 17M² ta’e Obbo Malkaamuu Fufaatti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Mulaatuu Guddataafi Aadde Qabbannee Dinqaa kan ta’an Obbo Haabtaamuu Gajoo mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa Bu/La/1151/2000 ta’e balli’ina lafaa 365.5M² ta’e irratti maqaa Obbo Mulaatuu Guddataatiin galmaa’ee jiru Obbo Haabtaamuu Gajoo Duulaatti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Guddataa Yaadataafi Aadde Azeeb Silashii kan ta’an Obbo Naasir Abduqaadir mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa 6496/EMMLM/07 ta’e balli’ina lafaa 474.7M² ta’e irratti maqaa Obbo Guddataa Yaadataatiin galmaa’ee jiru Obbo Mujabaa Yesuufitti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Lalisaa Boggaalaafi Aadde Roomaan Shuumaa Tafarraa kan ta’an Aadde Taliilee Kumarraa Lamuu mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Biiftuu keessatti kan argamu Lakk. Kaartaa isaa 14567/W/L/M/D/D ta’e balli’ina lafaa 160M² ta’e irratti maqaa Obbo Lalisaa Boggaalaatiin galmaa’ee jiru Aadde Taliilee Kumarraa Lamuutiin gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Bakka bu’aa Obbo Fayyeeraa Shuunee Kitil kan ta’an Aadde Addisee Sobbooqaa Olaanaa bakka bu’iinsa abbaa warraa isaaniin kennameef dabarsanii Obbo Namoomsaa Mammootiif kennuun mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo Kutaa Magaalaa Biiftuu keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa 12651/WBIFLM/2013 ta’e balli’ina lafaa 160M² ta’e irratti maqaa Obbo Fayyeeraa Shuunee Kitiliin galmaa’ee jiru Aadde Ayyaantuu Lammeessaatti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.





Bakka bu’aa Obbo Mulugeetaa Tasfaayee fi Aadde Saaraa Atoomsaa kan ta’an Obbo Saamu’eel Dureessoo mana jireenyaa Magaalaa Dambi Dolloo ganda Laaftoo keessatti kan argamu Lakk.Kaartaa isaa 10309/WMMLM/10ta’e balli’inalafaa200M² ta’e irratti maqaa Obbo Mulugeetaa Tasfaayeetiin galmaa’ee jiru Obbo Dachaa<sup>sa</sup> Bafiqaaduutti gurguratanii faayilli gara maqaa bitataatti akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Dolloo.

Aadde Raamatee Badhaasaa mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 02keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 2099/LMHS/2015 ta’e bali’inni isaa kaaree meetira 187M² irratti argamu dabarsanii Obbo Shafarraa Lameessaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/ Sabbuu.

Aadde Tsahaay Laggasee Kusaa mana hojii keenya keessa qaban yeroof argamuu waan hin dandeenyeefAbbaa qabiyyeen (dhimma) kun tajaajilaa jijjiraa maqaa waan barbaadaaniif akka tajajila kana argataniif waajjiratti iyyataniiru.Kanaaf tajajila kennuuf jecha jiru kana qaamni mormu yoo jiraate,beeksifni kun gaafa bahee kaasee guyyaa 30keessatti Waajjira lafa Magaalaa Naqamteetti dhiyatee eeruu kennu yoo baattan tajajilaa barbadamuu kan keennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajira Lafa Magaalaa Naqamtee.

Aadde Jaallannee Tafarii mana jireenyaa Magaalaa Qaaqee ganda 02 keessaa qaban Lakk.Kaartaa isaa 90/WMMLMQ/2010 ta’e bal’inni lafa isaa 200M² irratti argamu Obbo Maammud Xahaatti gurguranii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Obbo Dhibbisaa Bantii mana Magaalaa Dabbasoo ganda 01 keessaa qaban lafa kaaremeetira 200 irratti argamu Obbo Waaqtolee Baa<sup>jo</sup>otti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin akkaataa labsii liizii lafa magaalaa lakk. 721/2004tiin jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dabbasoo.

# Sababootaafi miidhaawwan . . .

deebiin yaadasaanii ilaalan hanga ji’a sadiitti kennuun yeroof dhaddacharraa ni geggeessa. Turtii yeroo ji’a sadii boodas wal fuutonni yaadasaanii kan hin jijjiirre yoo ta’e iyyanni diiggaa gaa’elaa jalqaba gaafatan yeroo ji’a ja’aa keessatti akka mirkanaa’uuf gaafachuu danda’u. Manni Murtiis iyyata diiggaa gaa’elaa dhiyaate mirkaneessuun dura waliigaltichi yaadaafi fedhii bilisaa wal fuutotaa ta’uufi kan seeraafi hamilee waliin wal hin fallessine ta’uu mirkaneessuu qaba. Iyyata diiggaa kana yoo mirkaneessuutti bu’aa diiggaa gaa’elaa ilaalchisee waliigaltee taasifames mirkaneessuu qaba. Waliigalteen kun kan mirkanaa’u garuu mirgaafi dantaa addaa daa’ima wal hiiktotaafi wal hiiktota keessaa isa tokko addatti bifa miidhuu danda’utti kan qophaa’e yoo hin taanedha.

Akkuma armaan ol caqasametti diiggaan gaa’elaa karaa itti gaafatamu inni biraa iyyata diiggaa gaa’elaa wal fuutota keessaa qaama isa tokkoon ykn wal fuutonni lamaanuu waliin dhiyeessaniini. Iyyata kana keessatti qaamni iyyaticha dhiyeesse ykn wal fuutonni diiggaa gaafachuuf wanta sababa ta’eef ibsuu ni danda’u. Garuu, tumaa seeraa kanarraa akka hubatamutti iyyata diiggaa gaa’elaa gaafatamu keessatti sababa diiggaa gaa’elaaf ka’umsa ta’e caqasuun dirqama osoo hin taane fedhii qaama iyyata dhiyeesseerratti kan hundaa’udha. Seera maatii Mootumma FDRIfi Seera Maatii Oromiyaa keessatti sababa diiggaa gaa’elaa seeraan fudhatama qaban jechuun kan kaa’aman hin jiran. Sababaan ykn sababa malee fedhii waloo ykn dhuunfaarratti hundaa’uun diiggaan gaa’elaa gaafatamuu danda’a. Sababni diiggaa gaa’elaatiif ka’umsa ta’e murtii diiggaa gaa’elaafi bu’aasaarratti dhiibbaan uumuu danda’u seeraan addatti bahee hin jiru.

Bu’uura Seera MFDRIfi Seera Maatii Oromiyaatiin diiggaan gaa’elaa kan gaafatamu iyyata diiggaa gaa’elaa qaama tokkoon ykn wal falmitoota lamaaniin yoo ta’es Manni Murtii hanga danda’ametti wal falmitoonni ykn qaamni iyyata diiggaa gaa’elaa dhiyeesse yaadasaa akka kaasuuf yaaluu akka qabu tumu. Yaaliin gama Mana Murtiitiin dhaddacharratti taasifame yoo hin milkoofne wal fuutotni wal dhabdeesaanii gama jaarsaatiin akka ilaalaniif ni qajeelcha. Wal fuutonni yaada gama mana murtiitiin dhimmasaanii gama jaarsaan akka ilaalaniif dhiyaate kan hin fudhatamne yoo ta’e dhimmasaanii irra deebiin akka ilaalaniif yeroo itti yaaduu hanga ji’a sadii tahu ni kenna. Yeroo itti yaaduu kanatti wal falmitoonni yaadasaanii kan hin jijjiirre yoo ta’e ykn gama jaarsummaatiin araarri kan hin milkoofne yoo ta’e manni murtii dhimmicha ilaalaa jiru xumura yeroo itti yaaduu ykn deebii bu’aa jaarsummaatiin booda yeroo ji’a tokkoo keessatti murtii diiggaa gaa’elaa kennuu danda’a.

Miidhaa falmii diiggaa gaa’elaa hir’isuun wal qabatee manni murtii guyyaa iyyanni diiggaa gaa’elaa dhiyaatetti waa’ee akkaataa bulmaataafi jireenya abbaa manaafi abbaa warraa, iddoo jireenyaafi akkaataa jireenya ijoollee, akkaataa bulchiinsa qabeenyasaanii ilaalchisee ajaja kennuu akka qabu seerri ifatti tumeera. Ajajni kun hanga falmii diiggaa gaa’elaa araaraan ykn murtii diiggaatiin xumura argatutti

# Torbee Barnootaa: Torbee . . .

taasisuu 2,227, manneen barnootaa hunda keessatti manneen kitaabaa hundeessuufi kitaabaan guutuu qabannee ture. Raawwiin isaa sadarkaa walfakkaataa irra hin jiru. Raawwiin sochii Gannaa hanga ammaa (MJB %58.9; MB<sup>BB</sup> %33.5, Suphaa %65.3) jiru, mul’dhata Mootummaa barnoota galma gurguddoo sadeen qabu keessaa isa tokko taasissee socho’uuf gahaa akka hin taane yaadachiisaa, carraa kanaan yeroon hafu hundi dhimma kanaaf akka oolu cimsee hubachiisuun barbaada.

Gama biraatiin, labsichi qophii dhumaa gama maatii, daa’immaniifi, seektara deegarsaatiin ta’uu qabu kan yaadachiisu. Naannoo keenyatti barnoonni bara kanaa Fulbaana 14 bara 2016 kan jalqabu ta’uu baramee maatiim ijoollee isaa hanga ammaatti hin galmeesisisiisne akka galmeessisiisu, meeshaalee guutuu qabu akka guutu, gargaarsa ijoollee mana barumsaa deemtu irraa argachaa ture kan biraatiin akka bakka buusu yeroo dhumaatiif yaadachiisa. ijoolleen keenyaas, ‘guyyaa duraa, kutaa duraa’tiif akka ofsi’essitan isinii dhaama. Gama manneen barnootaafi seektara deeggartootatiin, loojistikii, humna namaafi galtee dhiyeessii nyaata barattootaaf barbaachisan

kan ilaallatudha. Falmiin diiggaa gaa’elaa murtii diiggaa gaa’elaatiin kan xumurame yoo ta’e dhimmi qabeenyaa qajeeltoo wal qixxummaa dhirsaa<sup>fi</sup> niitii giddugaleessa godhatee, dhimmi daa’imman wal hiiktotaa dhimmi dantaafi mirga daa’ima giddu galeessa gochuun kan xumuramu ta’a.

Bu’uura Seera Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaatiin sababa ciccimoo diiggaa gaa’elaatiif ka’umsa ta’an jechuun seeraan kaa’aman wal hiiktota keessaa tokko raawwatee oggaa argametti hanga qabeenya waloo guutummaan dhabsiisuutti adabsiisuu akka danda’u armaan dura kaa’ee jira. Bu’uura Seera Maatii Mootummaa Naannoo Oromiyaa kw. 111tiin wal fuutota keessa gochi isa tokkoon raawwatameefi diiggaa gaa’elaatiif ka’umsa ta’e qaama isa kan biraarratti miidhaa kan qaqqabsiise yoo ta’e qaamni miidhaa qaqqabsiisee isa miidhameef beenyaa madaalawaa akka kaffalu manni murtii ajajuu ni dandaa’a. Hangi beenyaa kunis qooddaa qabeenya waliin keessatti qaamni miidhame caalaa akka argatu gochuun ykn guutummaa qabeenya waliinii qaama miidhameef kennuu ta’uu danda’a. Tumaan Seera Maatii kun tumaa Seera hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa duraaniirraa adda kan isa taasisu gosti balleessaa beenyaa kaffalchiisuu danda’u Seera Hariiroo Hawaasaa keessatti ifaan kaa’amee kan jiru yoo ta’u, bu’uura Seera Maatii Oromiyaatiin balleessaa gosa kamiituu beenyaa kaffalchiisuu danda’a kan jedhu ifa miti. Seerri Maatii Mootummaa Federaalaa kaffaltii beenyaa ilaalchisee qaamni miidhaa qaqqabsiise miidhamaaf beenyaa akka kaffalu manni murtii murteessuu akka danda’u ibsuurra darbee hangi beenyaa kanaa qabeenya waloo keessaa harka caalmaa ykn guutummaa dabalachuu danda’a kan jedhu garuu hin keenye.

Bu’aa diiggaan gaa’elaa qabuun wal qabatee dhimmi haguuggiin seeraa kennameef tokko dhimma daa’imman wal hiiktotaa yoo ta’u dhimmi biraa dhimma qooddaa qabeenyaati.. Diiggaa gaa’elaa keessatti qajeeltoo wal qixxummaa Heerri kaa’e yeroo qooddaa qabeenyaa kan tilmaama keessa galchedha. Qooddaa qabeenyaa keessatti abbaa manaafi haati warraa mirga wal qixa qabu. Wal fuutota keessaa abbummaa qabeenya dhuunfaa hubachiisuudhaan abbaan qabeenyichaa qabeenya kan dhuunfaatti fudhatu yoo ta’u qabeenya gaa’ela keessatti horatame immoo qixxeetti kan qooddatan ta’a. Bu’aa diiggaa gaa’elaatiin wal qabatee dhimmi ijoo inni biraa dhimma mirgaafi dantaa daa’imman wal hiiktotaati. Akkuma armaan dura kaafne Heerri MFDRI fi Heerri Naannoo Oromiyaa haala wal fakkaatuun yeroo diiggaa gaa’elaatti mirgiifi dantaan daa’imman wal hiiktotaa kabajamuu akka qabu ni kaa’a. Seerri Maatii MN Oromiyaa akkaataa tumee jiruun diiggaan booda daa’imman wal hiiktotaa ilaalachisee murtiin kennamu waa’ee barumsaa, eegumsa fayyaa, waa’ee qallabaafi waa’ee mirga daa’immaniifi abbaa ykn haati wal gaafachuu hammachuu akka qabu kaa’a.

*Barreeffama qorannoo Inistiitiyuutiin Leenjiifi Qo’annoo Seeraa Oromiyaa Biiroo Dhimma Dubartootaafi Daa’immaniifi Yuunivarsiitii Arsii waliin ta’uun geggeessanirraa fudhatamee irra deebiin kan dhihaate*

# Torbee Barnootaa: Torbee . . .

yeroo hafetti ariitiidhaan akka guuttan isin hubachiisa. Mootummaan Naannoo Oromiyaa bara barnootaa 2015 irraa jalqabee manneen barnootaa Barnoota Sadarkaa Tokkoffan Duraafi Sadarkaa 1ffaa kutaa 1-4 akkasumas Manneen barnootaa haawaasa horsiisee bulaa hanga kutaa 6’tti jiraniif dhiyeessii nyaata barataa jalqabuun isaa ni yaadatama. Bara jalqabbii baratoota mil. 5.2 ta’aniif nyaata dhiyeessuu kan danda’e yoo ta’u, bara 2016 ammoo baratoota mil. 7.5 ta’aniif nyaata dhiyeessuuf karoorfameera. Bara barnootaa 2016, barattoota mil. 11.4 galmeessuuf karoorfame keessaa hanga Fulbaana 07 bara 2016’tti barattoota mil. 10.4 galmeessuun danda’ameera, Ijoollen sababa adda addaatiin hanga ammaatti hin galmaa’in yeroo hafetti akka galmaa’an seektarri barnootaa, miidiyaafi qaamni dhimmi ilaallatu hundi akka tumsitan adaraa jechuun barbaada.

Xummura irratti barri barnootaa 2016, bara barannee itti milkoofnu qofa osoo hin taane, bara waan baranneen naannawa keenya itti hubannu, rakkoolee nu muudatan kalaqaan itti furruufi eenyummaa keenya sadarkaa olaanaatti itti hubannu akka nuuf ta’un hawwa!





# Ispoortii



## Riikardiin Tigist Asaffaa galmee addunyaarratti galmeeffame

A tileetiin Itoophiyaa Tigist Asaffaa daqiiqaa lamaa oliif fooyyessuun Riikardii Addunyaa haaraa Maaraatoonii Barliiniirratti galmeessite galmee “Guinness World Record” irratti galmaa’eera.

Atileetiin kuni fageenyicha 2:11:53’n xumuruun rikkardii kanaan dura atileetii Keeniyaa Birijig Kosgeen bara 2019 Maaraatoonii Ameerikaa Chikaagootti galmaa’e 2:14:04n qabamee ture daqiiqaa lamaa oliin fooyyeessiteetti.

Tigist waggaa darbees maaraatoonii Barliin 2:15:37’n xumuruun yeroo saffisaa addunyaa sadaffaa galmeessitee injifatee turte. Riikardiin haaraa Tigist galmeessite riikardii 13ffaa Barliin ta’ees galmaa’eera. Gahumsa Tigist agarsiifte kuni dinqisiifannaa olaanaa kan argate yoo ta’u, miidiyaaleen addunyaa hundi wal harkaa fuudhuun gabaasaa jiru.

Dorgommii booda miidiyaalee waliin turtii taasisteen injifannoo argattetti baay’ee akka gammadde himuun, injifachuufi rikardii fooyyessuu kaayyeffattus daqiiqaa hagasiin ta’a jettee akka hin yaadne garuu himteetti. jechuun dubbatte.

Atileet Tigist kana dura fiigicha 800m fiiguun beekamti. Maaraatoonii walakkaas fiigdee injifatteetti.

Maaraatoonii garuu waggaafi ji’a jaha dura ture fiiguu kan jalqabde.

Tigist waggaa dura Maaraatoonii Barliin yeroo fiigdu xiyyeeffannoon itti hin kennamne ture.

Ta’us, riikardii bakkichaa daqiiqaa sadiif ta’u cabsitee turte.

Isa dura maaraatoonii fiigdee kan beektu si’a takka qofa. Maaraatoonii Riyaaditti dorgomtee 2:34:00 injifatte.

Sa’aatii sana waggaa dura jechuunis bara 2022 yeroo Barliin dhuftu daqiiqaa 20’tti siquuf fooyyeessite.

Baranammo Riikardii Addunyaa cabsuu dandeesseetti.

Fiigicha maaraatoonii dhiiraan atileetiin Keeniyaa Eluuwid Kiphoogee 2:02:42’n xumuruun injifateera. Kunis, yeroo shanaffaaf ta’u isaati.

Atileetiin Keeniyaa Viinsant Kipkemoyii lammaffaa yoo bahu atileetiin Itoophiyaa biraa Taaddasa Taakkalee sadaffaan xumure.

Atileetiin biraa yeroo shaniif Maaraatoonii



Barliin injifate hin jiru.

Kana dura atileetiin Itoophiyaa Haayilee Gabre Sillaasee si’a afur Maaraatoonii Barliin injifatee ture. Qananiisaan immoo si’a lama.

Atileetiin umrii waggaa 38 Kipchoogeen bara 2022 fageenyicha 2:01:09’n seenuun Barliinitti Riikardii Addunyaa haaraa galmeessee ture.

Dorgommii maaraatoonii warra Shamaranii kanarratti Atileetonni Itoophiyaa biroo Zayinabaa Yimar, Sanbaree Tafarii, Dharraa Diidhaa, Warqinash Iddeesaafi Heelen Baqqalaa sadarkaa afurii hanga saddeet qabatanii xumuraniiiru.

Gama biraatiin garuu Atileetonni biyya keenyaa hedduunsanii dorgommii dhuunfaan gaggeeffamuufi badhaasa dhuunfaan argamsiisurratti wayita dorgoman gahumsi agarsiisaniifi injifannoon galmeessan wayita dorgommii biyya bu’uun hirmaatan waliin maaliif adda ta’a?

Keessumaa waggoota muraasaa asitti garaagarummaan olitti eerame kun bay’achaa dhufeera. Dorgommii Shaanpiyoonaa addunyaa tibba darbe xumuramerratti atileetonni qabxii galmeessisuu dadhaban dorgommii Daayimand Liigii torbee tokkoon booda adeemsifamerratti gahumsa olaanaan injifachuunsanii qabxii olitti kaafneef agarsiiftuudha.

Atileetota biyyoota birootu dorgommii akka biyyaatti taasifamurratti jaalala biyyasaaniifi alaaba biyyasaaniitiif qabanitu olaanaa ta’ee kan biyya keenyaammoo faallaa ta’e moo sababa biraatu jira. Tarii atileetonni kunneen biyya bakka bu’anii wayita dorgoman kabajaafi beekamtii isaaniif malu dhabu moo, faayidaa dhuunfaasaanii jaalala biyyaafi kabajaan alaabaaf qaban gadi aanaa dha?

Kana malees fageenya meetira dheeraafi gabaabaa Itoophiyaan ittiin beekamuurra darbuun fiigicha aadaa Itoophiyaanotaa jedhamuun

sadarkaa waamamuurra gahe irratti atileetonni biyya biroo toora injifannootti dhufaa jiran hedduunsanii ijoollee Itoophiyaa biyya ormaaf fiiganidha.

Atileetonni kunneen biyya Ormaaf fiigan sababiin biyya dhalootasaanii dhiisuun Orma maqaa waamsisaa jiraniifi alaabaasaanii mirmirsaniif rakkoon jiraachuuf agarsiiftuu ta’uu danda’a.

Atileetiksiin ummata Itoophiyaa biratti hedduu jaallatamu kuni addunyaarratti maqaa Itoophiyaa beeksisuun shoorti taphate olaanaadha.

Atileetonni biyyattis bara Abbabaa Biqilaa Roomiifi Tookiyootti seenaa warqeen barreeffame galmeessee qabee wal harkaa fudhiinsaan Daraartuu, Hayilee Gabresillaasee, Qananiisaa, maatii Dibaabaa, Masarat Daffaarfaa injifannoo boonsaa imimmaaniin dabalame har’a garuu sun hundi seenaa ta’aa jira.

Har’as injifannoon jiraatus darbee darbee haala quubsaafi amansiisaa hin taaneen galmaa’uun alatti miirri duraaniifi kaka’umsi sun hundi gara dagatamuutti saffisaan deemaa jira. Sodaachisummaan atileetota Itoophiyaa tiraakiirraas hagas mara miti. Maaliif, qorannoo gadi fagoo waan barbaadudha.